



## **Qajeelfama:**

Haleellaa Saal-quunnamtii Ijoollee  
Ittisuufi Kanneen Haleellaan irra Gahe  
Deeggaruuf kan Qophaa'e





# Kalalaajoolleef

Qajeelfama:Haleellaa saal-quunnamtii ijoollee ittisuufi kanneen haleellaan irra gahe deeggaruuf kan qophaa'e

 Qajeelfamni kun hin gurguramu.

 Eeyyama qopheessitootaan alatti qabiyee qajeelfama kanaa gariin yookiin guutummaan geeddaruun hin danda'amu.

 Qajeelfamni kuni marsariitii Kalalaajoolleef irratti tolaan argama.

## **Hundeessituu Pirojeektichaaf fi Qindeessituu:**

Salaam Muusee

## **Qindeessituu Qabiyyee Muummee:**

Dr Azeeb Asaamminaw (Ispeeshaalistii Wal'aansa Sammuu)

## **Barreessitoota Ol'aanoo:**

Dr Azeeb Asaamminaw (Ispeeshaalistii Wal'aansa Sammuu)

Henook Haayiluu (Ogeessa Xiinsammuu fi Gorsaa)

Akliil Solomoon (Ogeettii Seeraa)

## **Gorsitoota:**

Dr Fiqirtee Girmaa (Ispeeshaalistii Wal'aansa Sammuu)

Obbo Warqinaa Kabbadaa (Ogeessa Xiinsammuu fi Gorsaa)

## **Kan Hiikan:**

Daraartuu Amaloo Goobanaa

Daawiit Waaggaarii

Dr Andaargaachoo Kumsaa

## **Hiika Kan Gulaale:**

Firaa'ol Balaay

## **Giraafiksii fi Boca Biraandii:**

Istuudiyyoo Riizoluushin

"Hunda dursa garee 'Kalalaa Ijolleef' hojii faayidaa qabeessa tahe kana qopheessuuf kaka'uu isaaniif galata onneerraa madden dhiyeessaaf.

Qajeelfamni 'Kalalaa Ijolleef' maatiif, guddistootaaf, akkasumas warreen dhimmi kun ilaallatu hundaaf daa'imman haleellaa saal-quunnamtii irraa eeguufi ittisuuf qophoofta.

Qajeelfamni 'Kalalaa Ijolleef' ijolleen haleellaan saal-quunnamtii yeroo irra gahu qabatamaan maaltu godhamuu akka qabu haala ifaafi hubachuuf salphaa taheen ibsiteetti.

Maatii, guddistoonnii fi qaamoleen mootummaa, miti mootummaafi hawaasni bal'aa ijolle haleellaa saal-quunnamtii irraa eeguuf, haleellaan erga qaqqabeen booda maaltu godhamuu akka qabaatu beeksisuuf fayyaddi.

Kanaaf miseensonni garee marti kana waan gumaachitaniif baga gammaddan jechuun barbaada.

Qajeelfama kana akkan gamaaggamuuf carraa waan naa kennitaniif galatoomaa."

## **Meeroon Arraagaaw**

**(Ogeettii seeraa)**

**Itti gaafatamtuu itti-aantuu Waajira Dubartootaafi  
Daa'immanii Finfinnee.**

"Ogeessonni xiinsammuu fi fayyaa sammuu barumsaafi yaad-rimee isaanii keessatti irra deddeebi'anii akkuma ibsan, sammuun namaa jeeqamuun umurii kam keessatti haa mudatuyyu malee eelaan xiinsammuu yeroo ijollummaa fi dargaggummaatti qaqqabu dhiibbaan uumu hammaataa dha.

Xiyyeffannoон piroojektii Kalalaan fi qajeelfamni Kalalaan kun haleellaa saalaa ijolleerra gahu irratti tahuunsaa eegumsa fayyaa sammuuf gumaatni qabu guddaa dha. Keesumaa, hunduu akka hubatuuf haala salphaafi afaan gargaraatiin dhiyaachuun jijiirama qabatamaa fiduuf deeggara. Seenaawan dhugaa qajeelfamicha keessatti hammataman ba'aa haleellaa saalaa ijollummaan baachuun rakkoo xiinsammuu qaqqabsiisu ifatti mul'isu.

Waliigalatti qajeelfamni Kalalaan maatii, barsiisota akkasumas dhaabota fi namoota dhuunfaa sirna koorniyaa irratti hojjetaniin faayidaarra ooluun jijiirama fiduu danda'a."

**Dr Daawwiit Asaffaa  
(Ispeeshaalistii wal'aansa sammuu)  
Pireezidantii Waldaa Wal'aansa Sammuu Itoophiyaa.**

# Galata

Pirojektii kana jalqabaa hanga xumuraatti dhaabbataanis haa ta'u yeroodhaaf itti gaafatama adda addaa fudhachuun warra asiin gahe hundaaf galatni keenya hanga hin qabu. Hunduu firii hojii fi ittigaafatamummaa keessaniin akka boontaniifi jaalatan abdii qabna.

Maqaa hunduma keessanii waamuudhaaf haa dadhabnu malee eenyummaa keessan ni beektu jennee ni abdanna-Kalalaan jalqabaa kunis kan keessan. Hunduma keessanuu uumaan ulfina isinii haa laatu. Ebbifamaa.

Warra itti gaafatamummaa ol'aanaa irratti hirmaattan fuula itti aanutti yoo maqaa isin eerre illee ani akka hundeessituu piroojektiitti maqaa namoota armaan gadii waamuun yaala:

Qajeelfama kana barreessuu fi garee barreessitootaa hoogganuu dabalti pirojekticha kan dhuunfaa ishee godhachuun fudhattee hojjettee kanaan kan geesse Dr Azeeb Asaamminaw (Ispeeshaalistii wal'aansa sammuu) galateeffachuuf jecha hin qabu. Nuu jiraadhu! Ulfaadhu!

Masfin Tashoomaa (Abbaa qabeenya fi hundeessaa Istuudiyoo Riizoluushinii) guyyaan yaada piroojeektichaa isatti himee irraa jalqabee hojii dizaayinaa fi marsariittii hundumaafi deeggarsa nu barbaachisan mara nuu gumaachuuf yeroo hunda waan nu waliin jiruuf baayyee galateeffanna.

Hojjettoota Istuudiyoo Rizoolushiinii hundaafi, keesumaa immoo Anisa Ali-yaan dizaayiniin qajelfamicha salphaafi dubbisaaf kan hawwatu akka tahu waan

gooteef baayyee galateeffanna.

Qorannoo fi dhiheessii qajeelfama kanaaf oolan yeroo funaannu han-qinoota jiran gadifageenyaan hubachuuf marii qorannoo garee (Focus Group Discussion) fi namoota dhuunfaa osoo eenyummaa isaanii ifa hin godhiin haleellaan isaan irraan gahee ture akka nutti himan gaaffannee ture. Marii qorannoo garee, kanneen irrattis fedhiin hirmaachuun warra nu gargaaran hojjettoota Keer Itoophiyaa (maatii fi ogees-sota) akkasumas barsiistotaa fi bulchiinsa Mana Barumsaa Uummataa Sadarkaa tokkoffaa Tinsaa'ee Birihaan keessumaa immoo Barsiistuu Mastaaawot Yimar gud-disnee galateeffanna. Akkasumas yeroo fudhatanii kaayyoo keenyatti amanuu warreen seenaa isaanii nutti himan hunda baayyee galateeffanna – Eenyu akka taatan yoo beekuu baanne illee qajeelfama kana arguun bu'aa gumaacha keessanii akka argitan ni abdanna!

Barreffama wixinee qajeelfama kanaa dubbisuun foyyeessuu fi jabeessuudhaaf ogeessota xiinsammuu fi wal'aansa sammuu, barsiisota, maatii, yaada nuuf gumaachan fi nuuf sirreessan akkasumas namoota biroo dhimmichi ilaallatu fi michoota keenya baay'isnee galateeffanna.

Qajeelfamni kun akka afaanota biyya keenyaa adda addaatti hiikamtee hawaasa hundaa bira akka waliin-geessuuf namoota gara Afaan Oromoo, Tigriffa, Aaf-Somaalee fi Ingiliffaatti nuuf hiikuudhaan nu deeggaran hundaa maqaa garee keenyaan galata guddaa dhiyeessinaaf.

Qajeelfama kanaafi hojiwwan Kalalaan  
fuulduratti hojjetaman,akkasumas  
qabiyyeewwan sagaleefi suuraa qaban  
miidiyaalee hawaasummaafi marsariitii  
keenya armaan gaditti eeraman irratti  
argattu

 [www.kelela.org](http://www.kelela.org)

 @KelelaGuides

 @KelelaGuides

 @KelelaGuides

 @KelelaGuides



# Baafata

Itti fayyadama qajeelfamichaa

14

## Boqonnaa 1:

Waa'ee haleellaa saal-quunnamtii  
ijoollee irratti odeeeffanoowwan  
fayyadan

Haleellaan saal-quunnamtii  
maali?

Haleellaawwan saal-  
quunnamtii ijoollee irra  
gahan kan akkamitii?

Ijoollee irratti haleellaa  
saal-quunnamtii kan  
qaqqabsiisan eenyu fa'i?

Ijoolleen haleellaan  
saal-quunnamtii irra gahe  
mallattoowwan akkamii  
agarsiisu?

Haleellaan Saal-quunnamtii  
ijoollee irra ga'u yeroo  
dheeraa keessa jirenya  
irratti rakkoo akkamii fiduu  
danda'a?

Halleellaan saal-  
quunnamtii ijoollee  
irratti qaqqabu sadarkaa  
rakkoo jirenya irratti  
uumu akka gahu maaltu  
mуртeessa?

Ijoolleen haleellaan irra  
gahe sababiwwan akka hin  
dubbanne isaan godhan  
maal fa'i?

16

18

19

20

22

24

28

30

## Boqonnaa 2:

Ijoolleerra haleellaan saal-quunnamtii  
ooto hin qaqqabiin akkamiin ittisuun  
danda'ama?

Maloota ittisaa

32

34

Daa'immanii fi ijoollee  
akkamitti waalee qaama  
wal-hormaataa, wal  
quunnamtii saalaafi  
hariiroo saal-quunnamtii  
akkasumas haleellaa  
saalaabarsiisna?

Ijoollee wagga 2 hanga  
7 jiran irraa amaloota  
eegaman

35

35

Ijoollee wagga 7 hanga  
11 jiran irraa amaloota  
gurguddoo eegaman

36

Ijoollee wagga 11 hanga  
18 jiran irraa amaloota  
gurguddoo eegaman

37

Qaamolee hawaasa  
kunuunsa fi eegumsa  
addaa barbaadan  
akkamitti miidhaarraa  
ittisuun danda'ama?

39

## **Boqonnaa 3:**

Haleellaan saal quunnamtii erga qaqqabeen booda maal gochuu dandeenya?

Ijoolleen haleellaan saal-quunnamtii irra gahe akkamiifi yoom himatu?

Haleellaan saal-quunnamtii qaqqabeera jennee yoo yaadnu tooftaawwan ijjollee ittiin gaafannu

Ijoolleen keenya akka miidhaan isaan irra ga'e yoo nutti himan bifa kamiin gargaaruu dandeenya?

Ijoolleen keenya yoo akka haleellaan saal-quunnamtii isaan irra gahee jiru nutti himatan akkamii of-tasgabbeessuu dandeenya?

Ijoollee keenya irra haleellaan saal-quunnamtii erga gahee booda qorannoон fayyaa godhamuuf qabiyyee maal qabaata?

Daa'imman miidhaan saalquunnamtii irra gahee fi maatii isaaniif deeggarsa xiinsammuu kennamu?

Ijoollee keenya irra miidhaan saalquunnamtii yoo qaqqabe qorannoон seeraa maal fakkaata?

Qorannoон booda maal eeguu dandeenya?

Teessoowwan fayyadan

40

42

43

44

51

53

56

58

62

64



# Seensa

Akka lakkofsa Awurooppaatti bara 2017, biyyoottan guddatan keesumaa immoo Ameerikaa Kaabaatti yakka haleellaan saalquunnamtii namootni beekamoo baay'ee irra gahe duula #MeToo (#Anis) marsariitii hawaasummaattirattifattihimuun yeroo jalqabame sana dubartootni baay'een miidhaan walfakkaatu akka irraan gahee ture ibsuuf #MeToo jedhanii fuula marsariitii isaanii irratti barreessaa turan. Namootni harka caalaanis maal jechuu akka barbaadan ni hubata ture. Baay'ee keenyaaf immoo mudannoo adda addatiin daa'imummaa irraa hanga ga'eessummaatti haleellaan saalaa fi saalquunnamtii numudatanii turan akka yaadannu nu godhee ture.

Yaada sana keessa ta'ee kan ani deddeebisee yaadaa ture garuu haleellaawanakkanaa daa'imummaa irraa kaasee namootuma beekaman fi amanamaniin kan eegalutu isaa beekamuu dhabuu isaa ykn ifatti dubbatamuu dhiisuu isaa ture. Haa ta'u malee dubartoota ani bakka hojii ykn mudannoo adda addaan isaan beeku hunduu ijollummaa isaanii irraa kaasee mana isaanii keessatti namoota amanamoo fi maatii keessatti kabaja qaban, hiriyyoota maatii isaanii, barsiisotaa fi namoota biraatiti dhiyoo jiraniin fedhii isaanii malee dhungatamuu yaaluu irraa kaasee hanga gudeedamuu keessa darbanii jiru. Yakka akkasii kana sadarkaa daa'immaniitti yoo ilaalle harki caalu shamarran irratti kan raawwatamu ta'us ijoollee dhiiraa irrattis ni raawwata. Haa ta'uutii akka aadaa keenyaatti ijoollee dhiiraa miira isaanii akka ibsatani fi wantoota kanaan walqabatan hundaa akka isaan ifatti odeessan waan jajabeessinuu fi keessumaa immoo haleellaan dhiirota gurguddoo dhaan ijoollee dhiiraa irratti raawwataman irratti ilaalchawwan dogoggoraa 'gadhee' tahuu yookiin immoo yeroo guddatan dhiira biraagudeedu jedhu irraan kan ka'e maatiin gatii dhoksaniif gargaarsa xiinsammuufi qaamaa yeroon argatanii akka hin bayyananneefi isaan taasisa.

Yaada kana fuula feesbuukii kiyya irratti waggoota muraasa dura yaada hiriyyoota koo dubartoottaa lama haleellaan ijoolummaadhaan akka isaan irra gahe natti himan ka'umsa godhadhee ergan maxxansee booda haala ani hin eegneen ergaan dubartoota baay'ee irraa na qaqqabuu eegale. Seenaawwan sun adda addummaa haa qabaatanis malee wantota tokko isaan godhan sadiit ture: tokkoffaa haleellaan sun kan isaan irratti raawwate namootuma isaan dhiyootti beekaniin dha. Inni lammaffaa maatiin isaanii akka wanti akkasii sun akka isaan irra gahe hin beekan turan. Sadaffaan immoo baay'een isaanii yeroo sanis ta'e ammas eenyuttuu hin himne.

Dhaabotni biyya keessaa fi idila addunyaa baayyee dhimma dubartootaafi daa'imman irratti hojii gurguddaa dalaganillee qabiyyeen maatii, guddiftootaafi barsiisota gargaaraan gahaafi bal'inaan dhabamuun ammallee qaawwa guddaa dha.

Rakkoo hawaasummaa lafa qabatee jiru kana hiikuuf falli gosa baay'ee yoo barbaachise iyyuu daa'imman yoo xiqqaate waa'ee qaama dhuunfaa isaanii, waa'ee eeyyama kennuu fi diduu nama isaan amananii fi nama isaan miidhaa hin jirretti afaan ittiin himachuu dandeessisu osoo baratanii, yoo yaaliin isaan irratti godhame illee yeroodhuma sana akka isaan dubbatan ni taasisa; Maatiin isaanis immoo waa'ee dhimmoota kanaa beekumsa gahaaf ta'e qabaatanii daa'imman isaanii bifa galuufiin osoo barsiisuu danda'anii yoo xiqqaate rakkoo sana dafanii bira gahuun akka isaan gargaarsa argatan godhoo ni danda'a. Egaa pirojeektiin 'Kalalaan ijoolleef' kan wixinamte ijoo dubbii kanaan ture.

Pirojeektiin Kalalaal kan hojjetame tola ooltotaan ta'uus isaa irraa kan ka'e sababoota adda addaatiin yeroo dheeraa nuti yaadneen ol yoo nutti fudhatus hanga dandeenye garuu qabiyyeen isaa guutuu fi kan faayidaa qabu akka ta'uuf tattaafannee jirra. Pirojeektichi jalqabumma irraa kaasee itti gaafatamummaan kan kiyya ykn kan warra barreessanii qofa akka ta'uuf osoo hin taane namootni

nuunis ilaallata jedhan hundaa akka ta'u waantan barbaadeef nammotni lakkofsa fi maqaa isaanii waamee fixuu hin dandeenyे irratti hirmaatanii jiru. Kanaafuu abbummaan bu'aa isaa inni xumuraa dubartoota akka yaadi kun burquuf sababa ta'an baay'ee kan ani beekuu fi seenaa isaanii icciitiin natti himan, dubartoota lakkofsaan miiliyoona ta'anii seenaa isaanii eenyuttuu hin dubbatne fi kan hin dubbatamneef garuu ammoo dubartoota fi dhiiroota wanti akkanaa kun kan isaan mudatee, dabalataanis dhimmichi nus ilaallata jedhanii bifa baay'eetiin namoota fi dhaabbilee na gargaaraniif akka ta'u abdiin qaba.

Kalalaasiin gahuuf jajjabeessuu irraa qabee karaa adda addaan warreen nu gargaaran hundaaf galatni koo guddaa dha.

Keesumaa barreessitoota mummeefi Istuudiyoon Rizoolushiin hojii kana akka kan isaaniitti itti dhama'aniif galatni koo daangaa hin qabu. Jechatu na hanqata.

Hojiiin kun ka jalqaba keenya malee ka xumuraa hin taatu. Kalalaan qabiyyee adda addaa dhiyeessuun rakkowwan walfakkaataa hawaasa keenya keessatti bal'innaan jiran hiikuuf bifa adda addaan dhiyaachuu ishee itti fufti. Lammiiwan sababa adda addaatiin dubbisuuykn dhaga'uu hin dandeenyef sagalee fi viidiyoo dhaan miidiyaa hawwaasummaa fi marsariittii keenya irratti waan dhiyeessiuuf teessoo armaan dura kaayaman hordofuun argachuun ni dandeessu.

*salaam muussie*

Salaam Muusee  
Hundeessituu Pirojeektichaa

# Itti fayyadama qajeelfamichaa

## Qajeelfamichi eenyuufi?

Qajeelfamni kun harka guddeessi maatiifi guddiftootaaf kan qophaa'le tahuus barsiisotaaf yookiin dhaabbilee barnootaa: dhaabota guddisa daa'immanii, dhaabota dhuunfaa daa'imman oolchan, oolmaa daa'immanii, keesumaa immoo dhaabota mootummaa fi miti mootummaa dhimmaafi mirga ijoolee irratti hoijetan, bulchiinsota haqaa, waldaalee hawaasaa fi uummataa, namoota dhuunfaa daa'imman waliin hariiroo kallattiifi al-kallatti qaban, miidiyaalee, namoota dhuunfaa damee garaagaraa irratti bobbalanii jiran, qorattoota dhimma hawaasaa: ogeessota sirna koorniyaa, kana malees dhimmi kun nu ilaallata warreen jedhan yaaduun qophaa'e.

## Qajeelfamichi akkamiin qophaa'e?

Qajeelfama kana qopheessuuf ogeessonni damee garaagaraa keessa jiran qopheessitoot mummee fi gorsaan hirmaachisuun yaalameera.

Haaluma kanaan qabiyyewwan ijoon ogeessota xiinsammuu, fayyaa sammuu fi seeraan kan qophaa'an yoo tahu barreessitoota mummee gorsuun immoo namooti damee wal-fakkaataa keessa jiraniifi ogeessotni sirna koorniyaa, miidiyaafi koominikeeshinii akkasumas ogeessota fayyaa fi gorsitootni muuxannoo qaban hirmaataniiru.

Dabalataanis qajeelfama kana harka guddeessa fayyadamuu danda'u jedhamanii qaamoleen hawaasaa yaadaman(maatiifi barsiisota) waliin

marii garee gochuun hawaasni dhimma kanarratti sadarkaa beekumsaa qabuufi qaawwa jiru ilaaluuf yaalameera. Marii kana keessatti odeeoffannoowwan ijoo argaman irratti hundaa'uun qabxiwwan dabalamuu qaban ida'amaniiru.

## Seenaawwan qajeelfama kanarratti himann kan eenyuuti?

Dubbistooniifi fayyadamtoonni qabiyee kana sirriitti akka hubataniif akkasumas rakkinihi gadi fagoofi yaaddessaa tahuu akka beekan gochuuf seenaawwan dhugaa 30 ol namoota yeroo ijoollummaa isaanii rakkoon wal-fakkaataa irra gahe irraa funaaname itti dabalameera.

Adeemsa kanaan warreen seenaa isaanii qoodan bilisummaan akka itti dhagahamuuifi ifatti akka nutti himaniif eenyummaan isaanii otoo hin beekamiin icciitiidhaan kan ergamani dha.

Seenaawwan kunneen keessaa muraasni, akka barbaachisummaa isaaniitti filatamanii akka jecha waraabbiitti qajeelfamicha keessatti eeramaniiru.

## Qajeelfamicha yoom fayyadamna?

Qajeelfamicha yeroo kamiyuu haleellaa saal-quunnamtii ijoolleerra gahu ittisuuf, gosa haleellaa akkanaa barsiisuuif akka sumas haleellaan yoo qaqqabee jiraate akkamitti baruun yookiin gargaarsa kennuun akka danda'amu baruuf fayyadamuun danda'ama.

## Hubachiisa!

Qajeelfamni kun namoota  
kana dura haleellaan  
saalaa irra gahee beekutti  
yaadannoo hamaa fiduu fi  
miira jeequu mala.

Kanaaf qajeelfamichi  
yoo dubbifamu qophii  
xiinsammuu taasisuufi  
ogeessa mariisisuun akka  
barbaachisu hubatamuu  
qaba.

# Boqonnaa 1:



**Waa'ee haleellaa  
saal-quunnamtii ijoollee  
irratti odeeffannoowwan  
fayyadan**



## Haleellaan Saal-quunnamtii Maali?

Haleellaa jechuun namni tokko humna fayyadamuun nama biraan  
sodaachisuun fi gowwomsuun waan hin barbaanne akka godhu dirqisiisuun  
dha. Namni dirqisiisu humna fayyadama yoo jedhamu, taayitaa seeraan  
argateen yookiin faayidaa tokko barbaacha kan godhamus ni dabalata.

Haleellaa saal-quunnamtii kan  
jedhamu namni tokko dhiibbaa nama  
biraatiin eeyyama isaa/ishee malee  
wantoota saal-quunnamtiin wal-  
qabatan yeroo irratti raawwatu dha.  
Haleellaawan kуннеen jechootaanis  
yookiin gocha haleellaa saalaa  
irratti raawwachuus ni dabalata.  
Kunis nama biraan dirqisiisuun,  
sodaachisuun, gowwomsuun fi rakkoo  
qaban akka dadhabbiitti fayyadamuun  
kan raawwatu dha. Haleellaan kun  
nama hunda irratti: dubara, dhiira,  
daa'imman yookiin maanguddoota  
irratti qaqqabuu danda'a. Haa ta'u  
male yeroo hedduu haleellaan kun  
kan gahu dubartootaa fi daa'imman  
irratti. Kun ta'uu kan danda'es of irraa  
qolchuu hin danda'an jedhamee waan  
yaadamuun fi hariiroo hawaasummaa  
fi qaamaa qabaniin waan haleellaaf  
salphaatti'saaxilamanifi.

**Haleellaan saal-quunnamtii  
yakka dha. Namni haleellaan saal-  
quunnamtii irra ga'e karaa kamiinuu  
balleessaa qaba jechuun hin  
danda'amu.**

Haleellaa saalaa-quunnamtii ijoollee  
kan jedhamu daa'imman irratti  
ijoollee umurii isaan caalaniin,  
nama daragagummaa irra jiru  
yookaan namni guddaan fedhii  
saal-quunnamtii isaa/ishee guutuuf  
daa'imman umuriin isaanii 18 gadi  
ta'e yeroo fayyadaman dha. Akka  
seera yakkaa biyya keenyaa FDRI'tti,  
ijoolleen hengga umuriin isaanii 18  
ga'utti wal-quunnamtii saalaa gochuuf  
ofiisaanii murteessuu yookiin  
eeyyama kennuu hin danda'anu.

**Kanaafuu namni kamiyyuu ijoollee  
waggaa 18 hin guunne waliin yoo  
wal quunnamtii saalaa raawwate  
haleellaan saal-quunnamtii ta'a.**

Mucaa akkamii akkan ture jala muree himuun fedha. Baayyee cimtuu, kan kitaaba dubbiftu, kan hiriyoota hedduu qabdu,  
beekantuufi maatii fi barsiistofaan jaalatantuufi jajamtun ture.  
Garuu kitaabni dubbise hundi umuriin sanaan wa'a'ee saal-quunnamtii, haleellaan saal-quunnamtii fi waa'ee ofii koo sirriitti na  
hin barsiifne. Wanfin beeku tokko saal quunnamtii fi dubbiin isaan walqabatu hundi safuu akka ta'e qofa dha. Dhimma kana  
gochuu dhisiifii dubbachuunillee kashlabbee akka namaan jechisisun beeka ture. Animmo mucayyoo maatii gaarii qabdu  
dha. Kanaafi egaa namni waggaa 20n na caalu kun akka ashaainguliiiti akka qaama koottii taphatuu fi karaa adda addaan  
akkaniisa gammachisuun na dirqisiisuun danda'e. Haallii kun kutaa 7ffaaraa eegalee hanga kutaa 11ffaatti itti fufe. Erga  
umuriin koo dabalee 'hin ta'uu' jechuu danda'uttillee wanta goone hunda namatti himee akka na salafchiisu natti himaa na  
sodaachisa ture. Ilma namoota ollaan fi hiriyaa obboloota kootii ture, dabalaatanis ganda keessatti beekamaa fi jaallatamaa  
ture. Mana keenya akka barbaade galee ba'uu ni danda'a ture. Al fokko tokkos ni bula. Akka obboleessa fi nama gaarittii  
waan ilaalamuuuf namni shakkee waan mana keessa godhu hordofu hin jiru ture. Yeroo namni mana hin jirre yeroo dheeraaf  
akka barbaade na godha ture. Waan bitaa na galee fi qaana'ee tureef waan tokkollee hin dubbanne.

# Haleellaawan saal-quunnamtii ijoollee irra gahan kan akkamiiti?

Namoonni baayyeen saal-quunnamtii yoo jedhamu kan sammuu isaaniitti dhufu dirqiin gudeeduu qofa dha.

Garuu haleellaawan saal-quunnamtii ijolleerra gahan sadarkaa fi haalaan hedduu yoo ta'an isaan keessaa muraasa armaan gadiitti ilaalla.

- Kutaa qaamaa baramaa fi kan eeyyamameen ala dhungachuu,
- Nama duratti akka uffata baafatan gochuu,
- Jechoota fedhii saalaa kakaasan dubbachuu yookiin barreefamoota akkasii ijolleef dubbisuu yookaan dubbisiisuu,
- Suuraawwan qullaa, gaazexoota, kitaabota yookiin fiilmii ijoolleenis

ta'an namoonni gurguddaan saal-quunnamtii yeroo raawwatan mul'isu itti agarsiisuu,

- Karaa garaa garaan fedhiin saalaa isaanii akka ka'u gochuu yookiin kakaasuuf yaaluu,
- Qaamota saalaa namootaa qaama isaanii kamiinuu (afaan, harka, qaama wal-hormaataa, kkf) akka tuqan dirqisiisuu,
- Qaama wal hormaataa ofii qaama wal hormaataa daa'immanii waliin sukkuumuu,
- Daa'imman hojii wal-quunnamtii saalaa irratti bobbaasuu,
- Daa'imman dirqisiisanii gudeeduu dha.

66

'Yeroo umuriin koo 13 ture namni ganda keenyaa tokko rakkina koo fayyadamee akkasii sii godha naan jechaafi na sodaachisa osoon hin barbaadiin qaama isaa dirqiin na qabsiisa, hidhiikoo na dhungata, ija kee, hidhii kee, jachaa iddo fuula koo hunda na dhungata, gaafa tokko osoon hin yaadiin na hammatee yeroo qaama saalaa isaa kan koo keessa galchuuf yeroo wal'aansoo na qabu boonyaan sagalee nammaa dhaga'ee na dhiiseera.

## **Ijoollee irratti haleellaa saal-quunnamtii kan qaqqabsiisu eenu fa'i?**

Hawaasa keenya hedduu keessatti haalli namoonni haleellaa saal-quunnamtii qaqqabsiisu jedhamanii yaadaman, itti fakkeesamanii fi yaadaman rakkoo guddaa kan qabuu fi dhugaa irraa kan fagaate dha.

Kunis yeroo hedduu namoota machaa'an yookiin araada garagaraa qaban, hawaasa irraa kan qoodamanii fi nama haleellaa irraan gahan waliin kan wal-hin beekne yookiin hariiroo hin qabne godhameetu yaadama. Haa ta'u malee yeroo qorannoowwan waa'ee haleellaa saalaa irratti biyya keenyaa fi addunyaa irratti taasifaman ilaallu, namoonni haleellaa ijoollee irratti qaqqabsiisan saala, umurii fi wantoota adda addaan gargar haa ba'ani malee yeroo hedduu garuu haleellaa kan qaqqabsiisan namoota baayyee dhihoo ta'an miseensota maatii, kan akka abbaa, obboleessa, obboleettii, ijoollee adaadaa fi eessumaa, kanneen hawaasa biratti kabaja qaban, namoota mana amantii, barsiistotaa fi kan ijoollee sana waliin saala wal fakkaataa qabani dha. Yeroo kana jennu namni kamiyyuu daa'imman irratti haleellaa qaqqabsiisuu akka danda'u fi ijoolleen hundi haleellaan saal-quunnamtii irra gahuu akka danda'u xiyyeffannoo keessa galchuun eegumsaa fi kunuunsi akka barbaachisuun agarsiisuufi.

“

"Guyyaat guyyaan jechuu ni danda'ama harma kootti taphata, qaama saala isaa teessuma koo irra godhee dhiiba. Kan bitaa na galaa ture umuri koo 11 qofa waan ta'ee fi abbaa koo waan tureef akkasumas kan wal agarre wagga 10 booda waan ta'eefi. Kanaafuu abbaa fi intalli akkamitti akka waliin jiraatan wantan beeku hin turre."

“

"Obboleessa kooti, hirribaan fakkeessee bakkani rafetti yeroo hunda na tuttuqa. Yeroon harma baasuu jalqabummoo itti caale. Achiin siree irra rafuun dhiise. Wanti kun yeroo dheeraaf kan itti fufe ture, garuu yeroo guddachaa dhufu baqachuun jalqabe."

“

"Yeroon kutaa tokkoffaa ture barsiisaan ingliliffaa keenya, barattoota durbaa kutaa keessa turre hunda keenya irratti haleella saalaa qaqqabsiiseera. Barumsa keenyaan waan cimoo taaneef badhaasa nuuf kennname akka ta'e nu amansiisuun bakka hin tuqameen nu tuqa, hidhii keenya nu dhungata, kan biraas. Kan nama dinqu abbaa bultii fi daa'ima xiqqoo nama qabudha. Inumaayyuu maqaa intala isaa waamaati kan kana godhu waan nu jaallatuuf akka ta'e nutti hima. Erga kutaa 3ffaa geenyeen booda gara mana barumsaa biraatti jjjjirame. Achittis hojii isaa kana akka itti fufe fi boodarras akka bira ga'amee ari'ame dhaga'eera."

# Ijooleen haleellaan saal-quunnamtii irra gahe mallattoowwan akkamii agarsiisu?

Mallattoowwan ijooleen haleellaan saal-quunnamtii irra gahe agarsiisan daa'imaan daa'imatti adda adda ta'us, yeroo hedduu garuu irra deddeebiin mallattoowwan agarsiisan kan armaan gadiitti tareessamani dha. (Kana jechuun garuu ijooleen mallattoowwan kana agarsiisan hundi haleellaan saalaa irra ga'eera jechuu osoo hin taane, carraan guddaan haleelichaaf saaxilamuu jira jechuu dha.)

## Mallattoowwan Qaamaa

- Dhukkuba qaamaa barameen alatti sababii hin beekamneen dhukkubbii yeroo dheeraaf turu, walitti fufinsaan garaa ciniinuu, mata bowwuu, ol guuruu fi nyaatni sifaa'uudiduu,
- Umurii fi guddina isaanii irraan haala adda ta'een yeroo rafan fincaan yookiin bobbaan isaan jalaa miliiquu,
- Fedhiin nyaataa hedduu hir'achuu yookiin dabaluu,
- Ulfa akka tasaa mudatu,
- Mallattoowwan dhukkuboota saal-quunnamtiin daddarbani agarsiisuu,
- Naannoo qaama wal-hormaataa yookiin munnee hooqsisuu, madaa'u, dhiita'u, dhangala'aa foolii fi haalluu adda ta'e qabu,
- Yeroo fincaa'aniifi bobbaa bahan gubuu fi dhukkubbiin itti dhaga'amuu



Umuriin koo meeqa akka ture sirriitti hin yaadadhу  
garuu waggaa 6 yookiin 7 yoon ta'edha. Hiriyyaa  
obboleessa koo hangafaatu na gudeede. Waan na  
godhe hin beeku garuu yeroon fincaa'u barbaadu  
akka na gubu nan yaadadhу.

## Mallattoowwan sirna saalaan wal-qabatan

- Amalawwan saal-quunnamtii umurii isaanii hin gitne agarsiisuu,
- Beekumsa waa'ee saal-quunnamtii umurii isaaniin ol tahe qabaachuu,
- Hiriyyoota, umuriin isaanii gad ta'an yookiin meeshaalee taphaa waliin gocha saal-quunnamtii raawwachuu,
- Jijiirama umurii isaanii waliin wal-qabatee dhufuun kutaalee qaama isaanii baruuf gojoma'uufi haala adda taheen qaama saalaa ofii qaqqabuu fi of waliin saal-quunnamtii raawwachuu,
- Fiilmiiwwan, odeessaalee fi seenaa waa'ee saal-quunnamtii himan/ agarsiisan irratti xiyyeffachuun deddeebisanii gaaffii gaafachuu



'Dargaggeessi dhihoo ganda keenyaa ture obbolleessi isaa hanagasti hiriyyaa kooti, waggoota dheeraaf na quunnam ture. Yeroon bobbaa nyaadhu nan yaadadhan ture. Amma yeroon guddadhu mallattoo da'imman halleellaan saalaa irra qahe agarsiisan ta'u bareera. Yeroo ammaa nama irraa of adda baaseen jiraadha. Nama hin amanu. Ani dubartii Ofii fi jireenya koo waal'aansoon tursite dha.'

## Mallattoowwan Xiin-sammuu

### Keessumaa daa'imman umurii 3 – 13 gadi jiran irratti kan mul'atan

- Soda fi bibir'achuu sababni isaa hin beekamne,
- Fedhiin barnootaa fi barumsa fudhachuu hir'achuu,
- Irra deddeebiin waa irraanfachuu fi fajajuu,
- Amala umuriin olii yookiin gadi ta'e agarsiisuu,
- Akka salphaatti aaruu, loluu fi amala dhabuu,
- Danddeetiin waa qalbeefachuu hir'achuu,
- Irribni jeeqamuu, abjuu sodaachisaa fi rifatanii hirribaa ka'u,
- Jijiirama amalaa akka tasaa agarsiisuu,

### Keessattuu kan umuriin isaanii 4 – 17 ta'e irratti mul'atu

- Of adda baasuu/namootatti makamuuf fedhii dhabuu, hiriyyoota waliin taphachuu barbaaduu dhiisuu,
- Mukaa'uu, wajaguu, boo'uu,
- Dunnaa fi aarii baay'isuu,
- Beekaa seera'cabsuu, seerota hawaashaa kabajuu dhiisuu yookiin namoota biraa irratti miidhaa geessisuu,
- Qulquolina ofii eeguu dhiisuu yookiin akka malee qulquolinaaf dhiphachuu,
- Dhugaatii fi qoricha sammuu namaa dammaqsu ykn hadoochu fayyadamuu, fayyadamuu,
- Lola mana keessattis ta'e mana barumsaa keessatti uumamu irratti hirmaachuu,
- Manaa baduu,
- Of ajjeeusuuf yaaduu yookiin yaaluu,

“Yeroo umuriin koo 11 yookiin 12 gochaa sana mormuu kanin eegale. Qabxiin barumsa koo baayyee gaarii kan jedhamu ta'ullee sababa kanaan gad aantummaan natti dhaga'ama ture. Of eeguu nan dhiise, nama homaa miira hin qabne ta'e. Ammayyuu yeroo waan kanaa barreessu imimmaantu na hudha. Wanti ta'e hundi amma akka ta'aa jiru fuula koo deema. Waan kana yaaduu dhiisuuf baayyee yaaileera. Keessattuu gaabbi fi mukaa'uu guddaa (umuriin koo kudhanii ol yeroo turetti of ajjeeessuuf yaaduu fi yaaluu dabalatee) baayyeen yaaileera. Yeroo dargaggummaa kootti durbummaa qabtanii hanga gaa'elaatti turuun hawaasaa fi haadhollii biratti kabaja guddaa akka ta'e yeroon baruu jalqabummoo yaaddoo guddaa, gaabbi fi sodaan na qabatee ture. Yeroo qabxiin barumsa koo gadi bu'u ofiin dadhabduu, fokkisu fi namaa gadi akkan ta'en of amansiise.



## **Haleellaan Saal-quunnamtii ijoollee irra ga'u yeroo dheeraa keessa jireenya irratti rakkoo akkamii fiduu danda'a?**

Daa'imman haalleellaan saal-qunnamtii irra ga'e irratti rakkooowwan yeroo gabaabaa yookaan dheeraan mul'achuu ni danda'u. Rakkoowwan yeroo dheeraa kan halleellaan irra ga'e hunda irratti guutummaan ni qaqqaba jechuu ta'uu baatus, carraan uumamuu gatii jiruuf dursanii beekuu fi qophaa'uun barbaaachisaa dha.

## **Miira mukaa'uu olaanaa tahe**

Kun jeeqama miiraa yeroo hedduu mul'atu dha. Miirri kun keessattuu ofin akka malee komachuu yookiin haleelichi kan uumame balleessaa isaaniitiin akka ta'e akka yaadan godha. 'Otoon kana gochuu baadhee kun narra hin ga'u' jedhanii of komatu. Akkasumas gatiin ofif kennani akkuma sana hir'ata. Sababa kanaanis hawaasa irraa of quoduu, hirribni jeeqamuu, fedhiin nyaataa geeddaramuu, fedhii fi kaka'umsi wantootaaaf qaban hir'achuu fi of ajjeesuf yaaluu/yaaduun miira mukaa'uu waliin dhufu dha.

## **Dhiphina/muddama**

Dhiphachuu haala adda addaan uumamuu ni danda'a. Irra deddeebiin kan mul'atu haleellaa qaqqabe sana namoota, wantoota yookiin yaadni yaadachiisu yeroo dhufu miira jeeqamuu dha. Wantoota yaadachiisan yeroo jedhamu fakkeenyaaaf, namoota dhaaba wal fakkaataa qaban, uffata yeroo haleelichi uumame, bakka haleelichi mudate, foolii yeroos tureefi kkf ta'uu danda'u. Al tokko tokko immoo sababni isaa waan hangas hin beekamneen miirri sodaa guddaan ni mula'ta.

## Miira hadooduu

Yeroo wantoonni haleelicha yaadachiisan yeroo mudatan miirri jeeqamuu ni uumama. Miira jeeqamuu kana to'achuuf sammuun keenya miira hadooduu) akka faallaatti yeroon itti fayyadamu jira. Mallattoon isaas nama miirri yeroo hedduu irratti hin mul'anne, nama yaadaan deemu ta'uu/fakkaachuu yookiin qaamni sirriitti ajajamuu diduu ta'uu ni danda'u.

‘Dhibee yoomiyuu sammuu koo keessa hin badne narratti  
dhiisee darbe. Jibba na keessaa hin badnetu jira, maatti koo  
irratti, dhiira irratti, guutuu addunyaa irratti, heerumee hiikuu  
kootiifis dhiibbaa guddaa uumeera. Eenyuunuu amanuu hin  
dandeenye, yeroo hunda shakkituu dha. Mucaa koo, haadha  
koo biratti illee dhiisee hin deemu sodaa guddaan qaba.

‘Haleellaan na irra ga'e gudeeddii dha. Yeroo sana barattuu kutaa  
2ffaan ture. Namni haalleelicha narraan gahe mana keenya waan  
jiraatuuf hangan kutaa 6ffaa ga'utti irra deddeebi'ee midhaa  
narraan gahaa ture. Yeroo sanatti hedduu na doorsisaa waan  
tureef haadha kootti illee waan ta'e himuu hin dandeenye ture.  
Maa tiin koo guuftun akkan durbummaa qabu amanu. Ammas  
yeroo gaaffiin fuudhaa naa dhufu ofitti amanumummaa fokkollee  
hin qabu. Amma umuriin koo 26 ga'eera garuu ammas wa'e  
heerumaa yeroon yaadu nan sodaadha. Qorumsa HIV godhee hin  
beeku baayyeen sodaadha isas. Ammayuu maal gochuu akkan  
qabu hin beeku. Heerumee akka hiriyyoota koo da'uun barbaada.’

## **Araada dhugaatii fi qoricha sammuu hadooочу/dammaqsu**

Miirota jeequmsaa fi yaada waa'ee ofii gaarii hin taane ittisuuf jecha dhugaatiifi qorichi hadoochaa fudhachuun jalqabamee, yeroo turaa deemu gara araadaatti geeddarama. Rakkoowwan hawaasaa fi diinagdee araadaan walqabatanii dhufanis rakkoo jiru cimsu. Kunis wanta seeraan alaa hojjechuuf carraa uuma.

## **Rakkoowwan bultii fi saal-quunnamtii irratti mula'tan**

Haleelichi namoota irratti amantaa akka dhabnuu fi sodaa waan fiduuf abbaaaa/haadha warraa argachuuf fedhii jiru hiri'sa. Wal-quunnamtii saalaa gochuufis yaadannoon jalqabaa waan gaarii hin taaneef hariiroo gaarii irratti dhiibbaa fida. Sababa haleelichaatiin qaama saalaa irratti dhukkubbiin jira yoo tahe immoo quunnamtichi miira gaarii akka hin uumne taasisa.

## **Jijjiirama feedhii nyaataa irratti uumamu**

Namoota tokko tokko irratti sababa haleelichaatiin qaama ofii jibbuu, kana sirreessuuufis baayyisanii nyaata of dhowwachuu yookiin erga nyaataniin booda ofin ol deebisuu yookiin dhiphina hir'isuuf jecha akka malee baay'isanii nyaachuunis ni jiraata.

## **Mallattoowwan Qaamaa**

Yeroo haleellaa, keessattuu ijoollee irratti miidhamni qaamaa mudatu osoo hin fayyiiniifi hin bayyanatiin isaan dhukkubaa yeroo dheeraa turuu ni danda'a. Mallattoowwan armaan olitti tareeffamanitti alas namoonni haleellaan irra ga'e sababa haleelichaatiin rakkoo sammuu uumamuun, dhibee keessoo qaamaa qabaachuu baatanillee, qaama isaanii adda addaa irratti mallattoon dhukkubaa irratti mul'achuu ni danda'a.

Akkasumas yeroo haleelichi uumame mudaan qaamaa irratti qaqqabe yaalamee dafee fayyus yeroo waalee haleelichaa yaadatan akkuma durii dhukkubbiin qaamaa yeroo dheeraaf itti dhaga'muu danda'a.

“ Saal-quunnamtiin godhu hundi kan sirrii fi fayyaa qabeessa ta'e miti. Osoon hin dhugiin yookiin osoon qoricha hin fayyadamin yeroon saal-quunnamtii gochuuf jedhu imimaantu natti dhufa, nan boo'a. Kanaafuu yeroo hunda qoricha fayyadamee yookiin machaa'een godha. Kanaaf namoonni akka eenyummaakoo dhugaa beekan waanan hin barbaanneef, dhiirota dhugumaan naaf yaadan waliin hariroo qabu na jalaa balleesseera. Ammas eenu waliiinu yeroo dheeraa turuu hin dandeeneye. Yeroon nama dhugaa naaf yaadu argadhu cirumaan irraa fagaadha.

“ Wanti uumame rakkoo kan fide yeroo umuriin koo digdama ga'uuf jedhu hiriya dubaraa qabadhee yeroon quunnamtii gochuuf jedhu qaamni koo ka'u didnaan rakkoon ishee bira jedheen dubartii biraa waliin yaallaanis sanuma. Tasumaa yeroon saal-quunnaati gochuuf dubartii waliin kufaa galiee uffata ishee baastu akka dhiira biraa gammachuu osoo hin taane dhiphinaa fi fincaantu irra deddeebiin na qabata. Jaalallee koo umuri koo 2Otti dhabe deebiseen argadhe. Ishee waliin hedduun fooyya'e garuu itti balleessee ture. Osoon hin beekin jibbi dubartii na keessa jira natti fakkaata, arrabsuu, fi kabaja dhowwachuu hojii koo yeroo hundaa ture

**Yeroo daa'imni dhiiraa, dhiira biraan haleellaan saal-quunnamtii irra gahu fedhii saalaa , saal-walfakkaataa horata yaaddoon jedhu jira, haatahu malee qorannoona haleellaan saal-quunnamtii daa'ima irra gahe fedhii saalaa geeddara jedhu hin jiru.**

## Halleellaan saal-quunnamtii ijoollee irratti qaqqabu sadarkaa rakkoo jirenya irratti uumu akka gahu maaltu murteessa?

Yeroo daa'imman irratti haleellaan saalaa qaqqabu jirenya fulduraa irratti dhiibbaa fiduu ni danda'a. Dhiibbaan kun namarrraa namatti sadarkaa adda addaa qabaachuu ni danda'a. Nama tokko tokko irratti immoo dhiibbaa tokkollee osoo hin uumiin darbuu ni danda'a. Kun akka uumamu kan godhan sababooni hedduun jiru.

### Rakkoo sana sababooni cimsan kan armaan gadiiti.

- Haleellichi osoo hin uumaminis ta'e erga uumameen booda wal dhabdee maatii keessatti umamuu fi lola, wal hiikuu maatii, akkasumas namni maatii keessaa machaa'aa yookiin qoricha sammuu hadoochu kan fayyadamu yoo ta'e,
- Haleellaan saalaa miidhaa qaamaa kan biraaj waliin kan uumame yoo ta'e,
- Haleellichi yoo wal-quunnamtii saalaa qabaate,
- Haalli haleellichaa baay'inaan kan dhaga'amaniif fi dubbatamaniin ala kan ta'eefi miidhaa qaamaa guddaa kan fide yoo ta'e,
- Namni haleellichaa qaqqabsiise miseensa maatii yookiin maatii waliin walitti dhiyaatu yoo ta'e,
- Nama haleellichaa qaqqabsiise waliin carraan irra deddeebisanii wal arguu yoo jiraate,
- Umuriin ijoollee haaleellaan irra gahe baa'yee xiqqoo yoo ta'e (daa'imman ji'oota keessa jiraniif haleellaan saalaa dhiibbaa guddaa uuma jechuudha. Waan uumame sirriitti yaadachuu baatanillee wanti sirrii hin taanee fi hir'ate akka qaban yaaduu ni danda'u)
- Haleellichi irra deddeebi'e yookiin yeroo dheeraaf yoo qaqqabe,
- Daalimman haleellaan irra gahe nama isaan gargaaru hin qabaanne (kan maatii yookin guddisa hin qabne, maatii dhiyotti kan hin qabne, kan maatiin rakkoo isaaniif sirriitti xiyyeffannoo hin kennine) yoo tahe,
- Sadarkaan jirenya diinagdee fi hawaasaa gad-aanaa tahuu,
- Daalimman haleellaan irra gahe akka balleessaa qaban godhamee kan komataman ta'e,
- Yeroo maatiin waalee haleellichaa dhaga'e haallit itti fudhate daa'ima kan jeequ yoo ta'e,
- Amalli daa'imichaa/ttii osoo haleellichaa hin uumamin dura kan akka salphaatti jeeqamu yoo ta'ef,

Sababoota kanaa fi  
k.k.f yoo ijoollee irratti  
mul'atan xiyyeffannoo  
caalaa fi gargaarsa  
akka barbaachisuun  
mul'isa.

**Gama kaaniin immoo akka daa'imman  
dubbatan jajjaabeessuun, akka deeggarsa  
maatii fi hawaasa irraa argatan gargaaruun,  
fayyaa isaanii irratti hirmaachuun, akka  
sababa malee of hin komanne gargaaruun  
dhiibbaa haleellichaa hir'isuuf ni gargaaru.**



Abbaa amantaa kootti yeroon wanta  
uumame itti himu homaa waan hin  
dinqamneef amma narraa salphateera. Waan  
kana caale dhaga'aniiru jechuu dha.



Yeroon dhaabbata biyya keessaan mirga  
dubartootaaf falmu argadhee seenaa  
koo dubbadhe jaalala fi gargaarsi  
argadhe akkan irra deddeebi'ee haasa'u na  
gargaareera. Yeroon dubbadhummo suuta  
suutaan yeroo lapheen koo suphamu fi  
imimmaaan koo qooru natti dhaga'ama.



# Ijoolleen haleellaa irra ga'e akka hin dubbanne sababoonti dhorkan maali?

Haleellaan ijoolleerra irra gahu miidhaa qaamaa fi sammuu hedduu geessius, nama guddaan yoo gaafataman yookiin carraan dubbachuu yoo uumame malee dubbachuu dhiisuu ni danda'u.

**Kanaaf sababoonti heedduun jiraatanuyyuu kanneen  
ijoon kan armaan gadiiti:**

- Soodaachisaa fi doorsisa namoota haleelicha qaqqabsiisan irraa dhufu,
- Eenyuu fi akkamitti dubbachuu akka qaban wallaaluu,
- Wanti uumame maal akka ta'e hubachuu dhiisuu,
- Dubbachuu isaaniin maatii keessatti rakkoon akka hin uumamne sodaachuun,
- Lolaa fi deebii maatii isaanii sodaachuun,
- Miira balleessummaa yookiin saalfii haaleelichi irratti uumuun.
- Hawaasa keessatti namoota haleellaan irra ga'e balleessaan kan isaanii godhanii ilaaluu.
- Cimina miidhaa irra qaqqabeen dubbachuuuf rakkachuu yookiin sammuin isaanii odeeaffannoo dhimma uumame sanaa haquu/ akka uumame dagachuu.
- Kanneen haleelicha qaqqabsiisan namoota maatiitti dhiyaatan yookiin hiriyaan dhihoo ta'uun isaaniin namni isaan amanu kan jiru yoo itti hin fakkaanne.
- Namoota haleelicha qaqqabsiisan gaarummaa isaaniin kan beeknuun yoo ta'e bitaa itti galuun.
- Sobaa fi sossoba namoota haleelicha qaqqabsiisiin gowwomuu.

Yeroo sana sammuu ijjoollummaatin waan uumame hundan dubbadha jedhu ijjoolle gandaatti 'intalli kun intala kashlabbee dha akka hin beelofneef daabboob biteefii jennaan na gudeeduuf yaale jettee namatti dubbatteen dhaga'e isinis carraan koo akka isin hin mudanne mana sana hin dhaqinaa' jedheen. Innis mana keenya dhufuu dhiisuu issatti gammadus, ijoolleen kaan garuu adda na qoodani, barattuu cimtuun ture garuu tasuma manaa ba'ee mana barumsallee dhaquun sodaadhe, yeroo dheeraaf nama waliin taa'ee odeessuu nan sodaadhan ture.

“Yeroo jalqabaaf kanan namatti hime umurii 15tti. Hiriyaa koo dhihoottin hime. Dursee itti himuu dhiisuu kootti aartee 'osoo daa'ima biraad irratti waan wal fakkaataa godhanhoo' jeftees na komatte. Innimmoo tasuma dhiifina keessa na galche.”

Umurii koo 5 hanga 6tti hoijettuu mana keenyaan gudeedameera. Osoon qaama dhiirummaa koo hin bariin hoijettuu mana keenyaana ana waliin wal quunnamtii saalaa gooti turfe. Yeroo sana kanan hin dubbanne wanti ta'aa jiru maal akka ta'e

“Wanti narratti godhamaa ture waan sirrii waan natti hin fakkaanneef haadha koottan hime. Haati koos balleessaa koo akka ta'e natti himte. Sararan darbuu hin qabne waan darbeef akka ta'e natti himte. Kun na cabseera, keessattuu haadha koo na gargaarti jedhee amane irraa dhufuu issatti.”

Namni ani hiriya koo godhe yeroo daa'ima ture hoijettuu mana isaanii yeroo maatiin manaa ba'u eegdee haala hin taaneen akka tuttuqxuu natti hime. Waa'ee koo itti hin himne garuu dubbachuuf cimina inni qabu dinqisiiseera. Garuu kan tuttuqeent osoo dhiira ta'e natti himaa laata jedhee yaaduun koo hin oolle.

'Namni ollaan keenya tokko ashaangulitii keef uffattan hodhaaf jedhee makinnaa uffatta hodhu gidduu na galchee qaama koo tuttuqee gammadaa ture. Maati kootti kanas hin himne. Yeroo sana maatiin koos waan isa beekanii fi akkan isa waliin jiru waan beekanii (sababa uffatta ashaangulitiin hodhuu jedhuun) wanti kun sirrii miti jedhee yaaduuf odeeffanno ga'aa waanan hin qabneef wanta uumame osoon hin dubbatin darbeera.

Amma waanan dubbahuu fargaarsi ogeessaa akka na barbaachisu nan yaada garuu eenyuttuu himuu hin barbaadu hanga dhuma jirenya kootti fudhadhee gara awwaala kootti bu'a. Maalif? Waan na aarsuuf, wanti kun akka naratti uumamu eeyyamu kootti baayyiseen aara. Ofiif dhiifama gochuuf gara wagga 10 narratti fudhateera.

Abbaan keenya sodaatamaa dha. Hanga har'aa wanti inni jedhe qofatu mana keessatti ta'a. Namni itti dubbatu hin jiru. Sodaachisummaan isaan wanti guddaan nu dhabsiise ofitti amanamummaa keenya. Yeroo inni hojii deemu haati keenya finjaala ishee baastee ollaa waamtee nyaachuu, dhuguu fi odeessuu jaallatti. Namoota harka ishee irraa nyaatanii dhugantu natti taphate. Hanga har'aa yeroo dhiirri kamuu daa'ima hammatee argu miirri gaariin natti hin dhaga'amu. Maalif hin dubbannee gaaffii jedhuuf haati koos maalirraayyuu akka nan oolcihine garaa kootti waanan beekuuf ture.

# Boqonnaa 2:



**Haleellaan saal-quunnamtii  
otoo hin qaqqabiin akkamiin  
ittisuun danda'ama?**



# Maloota Ittisaa

Miidhaan ijolleerra gahan wal xaxoo ta'usaaniirraa kan ka'e dursanii ittiun ulfaataa ta'us tarkaanfilee maatiin osoo hojiirra oolchanii bu'aa qabeessa ta'uu danda'an garuu ni jiru.

## Waa'ee wal qunnamtii saalaa, hariiroo saal-qunnamtii barsiisuu.

Inni jalqabaa fi ijoon, ijolleee ijollummaa isaaniirraa jalqabee haala umurii isaanii waliin deemuu fi hubataniin waalee qaama wal-hormaataa, walitti dhufeenya saal-quunnamtii fi wal-quunnamtii saalaa akkasumas haleellaa saalaa barsiisuu barbaachisaadha.

Waanti guddaan namni kamuu yoo ijolleee karaa sirrii ta'leen alatti tuquu yaaluu yookiin wantoota sirrii hin taanee isaanirratti yookiin ijolleee biraarratti raawwachuuf yaalu diduu, fiiganii jalaa miliiquu, nama guddaatti yookiin poolisiitti himuuu barbaachisaadha. Akkam goonee barsiisnaa isaa jedhu boqonnaa itti aanuu keessatti bal'innaan ilaalla.

## Eegumsa ijolleee cimsuu

Malli lammafaan boqonnaa kanaan duraarratti akka ibsametti haleellaawwan saal-quunnamtii ijoleerratti raawwataaman hedduun isaanii namoota isaanitti dhihoo ta'anii fi namoota baay'ee amanamoo ta'anii waan taaleef ijolleee qofaa dhiisne deemuu hin qabnu, deemuu qabna taanaanillee maloota eegumsa taasisuu, (fakkeenyaaaf namoonni biroo eegumsa akka taasisaniif gaafachuu, bilbila bilbi-

luun nagaa tahuu isaanii mirkaneessuu) bakka namni itti hin argine, dukkanaa fi bakka dhokataa fi kutaa tokko keessatti carraa qofaa ta'an hin hambisuudha.

Kanas kan jennu jaalala fi amantaa maatii fi hawaasa jidduu jiru hin isuuf osoo hin taane miidhaawwan osoo hin gahiin dursanii hambisuufi. Maatiifi namoonni wal jaalatan kaayyoosaa ni hubatu jennee waan yaadnuufi.

## Tasa yoo haleellaa saal-quunnamtii qaqqabe maaltu akka godhamuu qabu mari'achuu fi beeksisuu

Malli sadaffaan yoo haleellaan irra gahe ijolleen akkamitti, eenyutti fi yoom dubbachuu akka qaban dursanii beeksi-suudha.

Yeroo haleellaan gahutti namoota miidhaa geessisan irraa doorsisni waan dhufuuf fi ijolleen waan naasuu keessa seenaniif, ni saalfatu akkasumas miirri balleessaa waan itti dhagahamuuf maal gochuu akka qaban beekuu dhabuu danda'u.

Miidhaa haleellaan kun fidu akka hin daballeef tajaajila yaalaa fi deeggarsa seeraa akka argatani waan taasifamuuf dursanii barsiisuu fi qophii ta'uun hedduu barbaachisaadha.

Yeroo ijolleee ganna saddeetii fure sanatti anaa fi obboleessa kiyyaa namni nu qo'achiisu qacaramee, mana olla keenyaa kan waajira harmee kiyyaa gad jirutti akka qo'annu godhanii turan. Ta'us, fedhiin barnootaa obboleessa kiyyaa gad aanaa waan tureef carraa argate hundatti qo'annaarrraa dhokatee hafa ture.

Yeroos namni nu qo'achiisu sunis yeroo qofaa taanu qaama saalaasaa baasee akkan tuttuqu na gaafata. Anis waan inni godhi naan jedhe hunda miirri balleessaa osoo natti hin dhagahamin nan raawwadha ture. Waa'ee wal-qunnamtii saalaa ta'ee, mirga qaama wal hormaataa ooeffannoosfi akeekkachiisa tokkollee maatii kiyyarraa argachuu dhaburraa kan ka'e wanti yeroos raawwate dogoggora ta'usaa beekuu hin dandeenye. Abbaa fi haadha kiyyattis hin himne.

## Daa'immanii fi ijoollee akkamitti waa'ee qaama wal-hormaataa, wal qunnamtii saalaafi hariroo saal-qunnamtii akkasumas haleellaa saalaa barsiisna?

Barnoonni daa'immaniif kennamu kamuu umuriisaanii, bilchina sammuu fi hubannaas isaanii ilaalcha keessa kan galche ta'uun qaba. Qabxiilee asii olitti eeraman irratti hundaa'uun barnoonni kennamu umuriisaanii irratti hundaa'uun qoodnee akka armaan gadiitti dhiyeessineerra,

### Daa'imman ganna 2 - 7'tti jiraniif Amaloota eegaman gurguddoo

- Yeroo wantoota gochaan raawwachuu itti yaaduu eegalaniidha,
- Yaada tokko fakkeenyaa arganiin yaaduu jalqabu,
- Ofii jechuufi waan hunda of waliin wal-qabsiisanii hubatu,
- Dandeettii wantoota kallattii adda addaatiin ilaaluun hin qabaatan,
- Yeroo tokkotti waa'ee dhimma tokkoo qofa yaadu,
- Wa'ee uumamasaanii fi garaagarummaa isaan kaan waliin qaban ni gaafatu,
- Yeroo namoonni biroo uffata baafatan ilaaluun fi tuttuqquu barbaadu,
- Fedhii baruu barbaaduu irraan kan ka'e qaamasaanii tuttuquu baay'isu,
- Aadaa hawaasaa beekuu dhaburraa kan ka'e uffatasanii bakka hin malletti baafatu,
- Qaamolee saalaa isaanii namoota birootti mul'isuu fi isa argan immoo dubbachuu jalqabu,
- Carraa argametti wantoota namoonni biroo yeroo hojjatan argan yaaluu barbaadu. (Fakkeenyaaaf wal dhungachuu)
- Wa'ee qaamolee dhuunfaasaanii dubbachuu, hiiinkaasaanii osoo hin beekin jechoota 'yaraa' fayyadamuu,

### Maloota ittiin barsiisan

Kanneen asiin gubbaatti eeraman yoo ijoollee barsiifnutti gabaabaafi ifaa gochuu. Odeeffannoowwan beekaman kennuufi, mala fakkiitiin qaamolee wal hormaataa fakkiin kaasanii dalagaafi of eeggannoo taasifamuu qaban ibsuufi, fakkeenyaa fayyadamuu fi eessaan dhufe, akkamitti dhaladhee fi gaaffilee 'kun maaliidha?" jedhar fa'af jechoota umuriisaanii waliin deemutin hiraahiuun barbaachisaadha.

### Maloota gurguddoo ittiin barsiisan

- Ijoolleen haadholiirraa dhalatu,
- Qaamni dubartii fi dhiiraa garaagarummaa akka qaban,
- Qaamolee dubartii fi dhiiraa jechoota sasalphoo fayyadamuu moggaasu,
- Qaamni ofii kan dhuunfaa ta'uusaa,
- Qaama nama biraaj hayyamaan alatti tuttuquun akka hin danda'amne,
- Qaama dhuunfaasaanii namni guddaan tuquu akka hin dandeenye itti himuu,
- Yeroo namoonni biroo fedhiisaaniiit alatti qaamasaanii tuqan 'hin barbaadu' jechuun mirgasaanii akka ta'e himuu,
- Qaamoleen tasuma tuqamuu hin qabne kam akka ta'an,
- Iccitiin maatiirraa dhokatu tokkollee akka hin jire,

## Ijoollee ganna 7-11 jiraniif Amaloota eegaman gurguddoo

- Dandeettiin waa'ee wantoota qabatamaatti dalagamanii yaaduusaanii ni guddata,
- Ofisaanii fi hojiiwansaanii namoota biroo waliin wal-bira qabaniit yaaduu jalqabu,
- Yaadasaanii gochaan raawwachuu jalqabu,
- Saalfii fi seerota hawaasaa qabatamaan hubachuu jalqabu (fakkeenyaaaf yeroo uffata baafatan kophasaanii ta'uun barbaadu ta'a)
- Fedhii wal qunnamtii saalaa xiqqoo ta'e qabaachuu jalqabu,
- Odeeffannoo wal-qunnamtii saalaa miidiyaarratti darban, fiilmotarrattii fi muuziqaarratti hordofuu barbaadu/ baay'isu,

### Maloota Ittiin Barsiisan

Umurii kanatti ijoolleen fedhiisaanii yaadaan yelaluurayyu carraa argatan hundatti (yeroo taphaatti, yeroo qofaasaanii ta'an) yaaluurraa duubatti hin deebi'an.

Kanaafuu maatiin waa'ee qaamolee wal hormaatasaanii, beekumsa wal qunnamtii saalaa fi hariiroo saal-qunnamtii qaban gaafachuun, odeeefannoowwan sirrii hin taanee adda baasanii barsiisu qabu.

Dabalataanis ijoolleen umurii kanatti fedhii waa beekuuf qaban irraan kan ka'e gaaffilee hin eegmanee fi haala salphaatiin ibsuuf ulfaatan yoo gaafatan saalfachiisu fi loluurra deebii gahaa ta'e kennuufin barbaachisaadha.

Fakkeenyaaaf, "gaaffii tasaa fi ulfaataa waan na gaafattee gammadeera ta'us har'a deebiisa waan hin beekneef yeroo itti aanu adda baasee deebiisa sitti hima" jedhanii deebisuun ni danda'ama.

Kunsi ijoolleen akka gaaffachuu hin dhiisnee fi gaaffachuuusaanitti hin saalfanne, maatinis deebii sirrii ta'e argachuuuf yeroo gahaa akka argatan isaan gargaara.

### Maloota gurguddoo ittiin barsiisan

- Waa'ee wal-qunnamtii saalaa, ulfaa fi maalummaa dahuumsaa,
- Dabaluu umuriisaanii waliin jijiirama qaamasaanirratti mul'achuu danda'an,
- Rakkooowwan wal qunnamtii saalaan dhufuu danda'an barsiisu (fakkeenyaaaf ulfa hin barbaachisne, dhukkuboota wal qunnamtii saalaatiin daddarban)
- Haleellaan saalaa maal akka ta'ee fi miidhaawwan boqonnaa tokkoffaarratti eeraman hunda akka of keessatti hammatu hubachiisu,

- Nama beekaniinis yoo qaqqabe illee haleellaan saalaa jedhamuu akka danda'u,
- Haleellaan saalaa isaanirra yoo gahe gama kamiiniyyuu balleessaasaanii akka hin taane hubachiisu,
- Nama hin beeknerraa waan hin barbaannee akka raawwtaniif yoo gaafataman 'lakki' jechuu akka danda'anii fi maatii yookiin nama guddaatti yeroosuma himachuu akka qaban barsiisu,
- Bakkeewwan sodaachisoo ta'an (fakkeenyaaaf qofaa taa'uun, naannoo manneen dhugaatii fa'a) irraa fagaachuu yookiin of eeggachuu barsiisu,

## Ijoollee ganna 11-18 jidduu jiran Amaloota eegaman gurguddoo

- Wantoota wal-xaxoo fi sababa gahaa qaban yaaduu fi hubachuu jalqabu,
- Wantoota qabatamaatti hin jirre yaadaan qofa xiinxaluu danda'u,
- Eenyummaasaanii barbaaduu/baruu jalqabu,
- Umurii dargaggummaa waan ta'eef miira hunda beekuun itti dhagahamuu, qofaa tahuu, gorsa kallattii barbaaduu dhiisuu, maatiisaaniirra hirriyyootasaanii filachuun ni mul'ata,
- Hirriyyootasaanii biratti fudhatamummaa argachuuf wantoota isaan godhan (uffannaa, haala adeemsaa, maloota yeroo ittin dabarsan) hordofuu jalqabu,
- Jijiirama qaamasaanirratti mul'atuuf saalfachuu, miira jeeqamuu fi nahuu akkasumas fedhiin qaama wal hormaataa baruun ni jiraata
- Dhiibbaa hirriyyootasaaniiitiin fi fudhatamummaa argachuuf jecha wal quunnamtii saalaa daangaa hin qabnee fi fayyalessa hin taaneef saaxilamuu danda'u.

### Maloota ittiin barsiisan

Umuriin kun kan dargaggummaa ta'uusaarrraa kan ka'e waa'ee qaama wal hormaataa, dhimmoota wal quunnamtii saalaa fi hariiroo saal-quunnamtii haasa'uun yeroo dirqama itti ta'uudlia.

Matiin dhimma kanarratti barnoota kennuu dhabuusaaniitiif sababoota dhiheessan keessaa inni ijoon waa'ee saal-quunnamtii haasa'uun dhimma ijoolleen hin yaadne akka yaadan isaan godha jedhanii amanuusaaniiti.

Qorannoowwan akka mul'isanitti hanguma maatiin odeeffannoo/barnoota kennuu dhiisan ijoolleen odeeffannoo sirrii hin taane, kan umuriisaaniifi hin taane akkasumas odeeffannoo ukukkubsame interneetii gubhaarraax argachuu waan danda'aniif dursanii barsiisuun filannojisa gaarii dha.

Umuriin kun dubartootaafis ta'ee dhiirotaaf wal-quunnamtii saalaa raawwachuuuf qophiin qaamaa fi xiinsammüü-güütümämti waan xumuramuuf, dhukkuboota wal quunnamtii saalaatiin daddarbanii fi ulfa hin barbaadamneef maloota ittisaa haalaan barsiisuun fi isaanis namoota biroorratti miidhaa akka hin geessisne barsiisuun xiyyeeffannoon itti kennamuu qaba.

Haasaa akkanaarratti ijoollein guutummaatti bilisummaan itti dhagahamuu dhiisuu danda'a.

Eessaa akka jalqabnu beekuu dhiisuu dandeenyaa. Isa kana hir'isuuf carraaamariidhaaf fayyadan uumuun ni danda'ama.

Fakkeenyaaaf diraamaan hariiroo saal-qunnamtiirratti hojjataaneeru jireenyaaf taanaan isa akka ka'uumsaatti fudhannee maal akka yaadaan gaafachuun fiyaadasaanii beekuun ni danda'ama. Achiis jireenyasaanii waliin wal biraqabnee mari'achuu jalqabna.

Yeroo marii bilisummaadhaan mari'achuufi ifatti dubbachuun ni gargaara. Isaanis gaaffii akka gaafatan gochuu fi hamma beeknu deebisuufi yaaaluun gaariidha. Yeroo kanatti wanta hin eegne yoo nutti himan nahuun yookiin loluun akka nutti hin himne waan godhuuf miira keenya to'achuun nu barbaachisa. Kan nutti himanis yaada keenya dhagahuu fi gorsa gaafachuuf ta'uu waan danda'uuf obsuun barbaachisaadha.

Yaada ilaalcha keenyarraa adda ta'e yookiin yaada hin baratamne yoo nutti himan miira tasgabbiitiin yaadasaanii akka kabajnuu ta'us, akka walii-galluu fi sababa walii hin galleef maal akka ta'e ibsineeffi yeroo biraatti mariin wal fakkaatu akka jiraatu karaa banuun ni danda'ama.

## Maloota gurguddoo ittiin barsiisan

- Jijiirama haaraa qaamarratti mul'atan akkamitti hubachuun akka danda'an mari'achuu,
- Fedhiin wal-qunnamtii saalaa fayya qabeessaa fi kan mudachuu danda'u ta'uusaa hubachiisuu,
- Hariiroo hin barbaachisnee fi maloota dhiibbaa hirriyyootaatiin haleellaa saal-qunnamtiidhaaf saaxilan akka irra aanan itti himuu,
- Adda addummaa hariiroo gaarii fi gaarii hin taanee fakkeenyaaaf hariiroo araada waliin qaban, rakkoo dhiibbaatiin waa raawwachuun geessisu, sodaan kan uumuu fi kkf hubachuu,
- Maloota dhukkuboota daddarboo fi ulfa hin barbaachisnerraai ittiin of eegan barsiisuu,
- Hariiroo saal-qunnamtii jalqabuu hin barbaadan taanan 'lakki' jechuuf mirga guutuu akka qaban barsiisuu,

# **Qaamolee hawaasaa kunuunsaa fi eegumsa addaa barbaadan akkamitti miidhaarraa ittsuun danda'ama?**

Rakkoon nama kamuu mudachuu waan danda'u ta'us namoota rakkinnna guddinaa, qaamaa fi sammuu qaban saaxilamummaansaanii dachaa ta'e yeroo haleellaan irra gahus akka miidhaman osoo hin beekiinii fi gargaarsa gahaa osoo hin argatiin waan hafaniif namoota kaan caalaa kunuunsi, eegumsii fi barnootni addaa isaan barbaachisa.

**Namoonni kunuunsa addaa isaan barbaachisa jennee kitaaba kana keessatti eerru,**

1. Hanqinna guddinna sammuu warra qaban,
2. Qaama miidhamtoota,
3. Ootiizimii warra qaban,
4. Dhibee sammuu jabaa keessumaayyuu miira tokkoo gara biraatti jijiiramu fa'a warren qaban,

Namoonni haleellaa geessisan rakkinoota qaamoleen hawaasaa qaban kan akka qaamaa, guddinnaa, sammuu fi kaan irraa kan ka'e dadhabina yaadasaanii ibsachuu, miidhaarraa of eeguu fi eenyummaa nama haleellaa geessisu haalaan beekuu dhabuu fayyadamuudhaan waan miidhaniif eegumsi ni barbaachisaani.

Kanaafuu maatiinii fi barsiisonni ijoollee eegumsa adda ta'ee fi mallattoolee asii olitti eeraman irratti mul'atan xiyyeffannaadhaan hordofuunii fi mallattoolee kanneenis yoo argan saffisaan gara dhaabbilee gargaarsa ogeessaa itti argatan geessuu qabu.

# Boqonnaa 3:



**Haleellaan saal-quunnamtii  
erga qaqqabee booda maal  
gochuu dandeenya?**



## Ijoolleen haleellaan saal-quunnamtii akka irra gahe yoomii fi akkamii himatu?

Daalimmaan fi ijoolleen haleellaan saalquunnamtii irra gahe waalee miidhaa isaan irra qaqqabe maatii isaaniitti himachuu ni barbaadu. Sababni isaan himachuu barbaadanifiis miidhaan walfakkaatuu akka isaan irra hin geenyeef eegumsa argachuudhaaf akkasumas waalee maalummaa haleellaa sanaa beekuudhaafi. Haa ta'u malee daalimmaan fi ijoolleen haleellaan irra gahe harki caalu waalee miidhaa isaan irra qaqqabe himachuuf yeroo dheeraa itti fudhata. Muraansi isaanii immoo gonkumaa ooto hin dubbatiin ni hafu. Tokko tokko immoo faallaa haleellaa saalaa sanaa hatattamaan ni himu. Kunis akkaataa gosa haleellaa sanaa, sadarkaa umurii isaanii fi walitti dhufeeyna maatii isaanii waliin qaban irratti hundaa'un garaagarummaa ni qabaata.

Ijoolleen afaan hin hiikkanne ykn warra rakkina guddina sammuu qaban yoo ta'an miira isaanii sirriitti ibsachuuf waan itti ulfaatuuf akka rakkinni irra qaqqabe kan beekuu dandeenyu amaluma isaanii ilaluun qofaa ta'a.

Ijoolleen umurii wagga 2 hanga 7 keessa jiran, waanta gaarii fi hamaa addaan baasanii beekuuf waan hin geenyeef(waan isaan hafuuf) akkuma miidhaan isaan irra gahe iyyuu hubachuu dadhabuu irraa kan ka'e himachuu dhiisuu ni danda'u. Yeroo baay'ees daalimman kana irra akka haleellaan saalaa qaqqabe kan beeknu akka tasaa ta'a. Kana jechuunis, haasaa isaanii ykn gaaffii isaanii keessatti sodaan addaa ykn amala isaanii keessatti jijiiramni tasaa yeroo mul'atu arguun ta'uu danda'a.

Ijoolleen umurii wagga 7 hanga 11 keessatti argaman, akka rakkinni jiru

beeksisuu yoo barbaadan mallattoo amala jijiiruu xiqqoo ta'e argisiisuu ni danda'u. Fakkeenyaa namni miidhaa sana isaan irratti geessise yeroo mana isaanii dhufu dhiisanii ba'uu, nagaa gaafachuu dhiisuu, akka maatiin isaanii nama sana faana wal hin argine akkasumas akka maatiin isaanii nama sana biratti qofaa dhiisanii hin deemne kadhachuu ta'uu ni danda'a. Mallatoollee kana maatiin isaanii yoo baruu baate waan isaan hubachuu hin dandeenyi waan isaanitti fakaatuuf ifatti baasanii ibsachuu irraa of qusatuu.

Himachuuf yeroo murteessan waan dubbatan sun kan tartiiba eeggate fi kan ifa ta'e tahuu dhiisuu ni mala. Sababni isas sadarkaa umurii isaanii irraa kan ka'e dhimma tahe guutummaatti hubachuu dhabuu fi miira sodaa guddaa qabaachuu isaaniti. Maatii isaanii keessaa nama amananitti himuu hanga murteessanittis yeroo dheeraadhaaf yaadda'a ni turu. Sababa kanaatiif yeroo baay'ee kan isaan yeroo jalqabaaf itti himachuuf itti salphatu nama umuriin isaa kan isaanii waliin walitti dhiyattutti ta'a. Kunis tarii hiriyaa isaanii kan mana barumsaa/hiriyaa dhihoo ta'e ykn obboleetti/obboleessa isaanii ta'u ni mala. Namni isaan yeroo jalqabaaf itti himatan kun haala gaarii ta'een yoo isaan simate nama umuriin guddaa ta'etti himuu jajjabina ni argatu.

### Sarara bilbila tolaa

Haleellaan saalaa fi saal-quunnamtii  
kamiyyuu yoo qaqqabe,

Tajaajila gorsa xiinsammuufi  
odeeffannoo biroof

6388 Aleenyitaa

8044 Kiliinika Maariistoops bilbiluun  
tajaajila argachuu dandeessa

# Haleellaan saal-quunnamtii qaqqabeee jira jennee yoo shaakkine toof-taawwan ittiin daa'imman gaafannu

## Bakka filachuu

Bakka ijolleeff filatamaa ta'e, yoo danda'ame kutaa waca hin qabne fi kan namni biraa akka salphaatti seenuu hin dandeeny keessatti yoo ta'e hubannoo jabaan-dhaggeeffachuu fi ijolleensi akka hin jeeqamneef ni gargaara. Sadarkaa umuriitisaanii meeshaalee taphachuuf ijolleen jaallatan qabatanii taphachiisaa jalqabuun seensa gaarii ni uuma.

Ijolleee umuriin isaanii jabaat ta'eef haala mijataa taheen bakka sodaa dubbachuudhaaf qabaatan hanga ta'e waan hir'iisuuuf qophaatti dubbisuu akka barbaadnu fi bakka kam akka filatan gaafachuu ni dandeenya.

## Sagalee keenyaa fi fuula keenya wal simsiisuu

Waan dhiphanne ykn waan itti aarre yoo isaanitti fakkaate dubbachuu dhiisuu yookaan immoo naasuudhaan/ sodaachuuun waanta hin raawwatamne raawwatamee jira jechuu waan danda'aniiif miirri gaariin akka fuula keenya irraa dubbifamu godhuuf tattaafachuu qabna. Haalli ittiin dubbannus kan yeroo biraa irraa adda ta'uun hin qabu.

## Jechoota itti fayyadamnu madaaluu

Jechootni gaaffifiit itti fayyadamnu kan sadarkaa umurii isaanii madaalu ta'uun qaba. Gaaffii keenyaa akka isaan hubataniif kara salphaa ta'een dhiheessuun barbaachisa.

Yeroo gaaffii keenya jalqabnus wanta salphaa ta'e irraa jalqabnee gara waan ulfaataa ta'etti darbuun ijolleen bifaa tasgabbii qabuun akka nuuf deebbisan ni godha. Fakkeenyaaaf, gaaffilee tartiiba armaan gadiin dhiheessuu ni dandeenya: "namni qaama kee si tuqu ni jiraa?" "Bakka biraa hoo?" "Maaliin si tuqe?" "Yeroo si tuqu, si dhukkubee?"

## Jajjabeessuu

Akka tasaa kaanee gaaffii yoo itti baay'isne bita isaan galuu ni danda'a.

Waan balleessaa balleessanis itti fakkaachuuus danda'a. Kun ammoo akka soban gochuu ni danda'a.

Waanta akkanaa hambisuuf kan isaan gaafatnu isaan gargaaruuf akka ta'e itti himuu gaarii ta'a. Erga dubbachuu eegalaniif boodas shakkii yoo irratti argine "jabaadhu" "akka gaariitti natti himaa jirta" "Cimtuu" jedhanii jechoota jajjabeessan itti fayyadamiun ni barbaachisa.

# Ijoolleen keenya akka miidhaan isaan irra ga'e yoo nutti himan bifaa kaa gargaaruu dandeenya?

## Of tasgabbeessuu

Jalqaba yeroo oduu akkanaa dhageenyu akka maatiitti jeeqamuun keenya waan hin oolle. Haata'u malee wanti dursa laatuufii qabnu nageenya ijoollee keenyaa waan ta'eeif odeeffannoo barbaadnu argachuu fi wabii ijoollee keenyaa ta'uuf of tasgabbeessuun nurraa ni eegama. Daa'imman miirri keenya akka jeeqame yoo argan isaanis caalaatti ni jeeqamu. Nama haleellaa isaan irratti geessise irrattis aaruu ni dandeenya haa ta'uutii miira keenya kana yeroo argan waan isaanitti aarre godhaniif waan fudhataniif wanta akkanaas to'achuun nurraa eegama. Miirri ijoollee keenyaa wanta nuti isaanitti agarsiisnu irratti garmalee waan hundaa'uuf of-eegganno ni barbaada.

## Dhaggeeffachuu

Yeroo isaan dubbatan yeroo kennanii dhaggeeffachuu wanta ijoolleen ukkaamsanii tursan sana akka barbaadanitti ifa akka godhaniif gargaaruu irra darbee nuti isaaniif wabii ta'uu keenya ni mul'isa. Dabalataanis seenaa guutuu dhimmichaa waan isaan dubbatan irraa hubachuudhaaf carraa nuuf kenna. Kanaafuu yeroo isaan dubbatan "toolee", "achii hoo?" jechuudhaan osoo addaan isaan hin kutiin dhaggeeffachuuutu nurra jiraata. Yoo waan dubbatan xumuran nutti fakkaate qofa gaaffii dabalataa gaafachuu dandeenya.

## Abaarsa fi murtii irraa bilisa ta'uu

Haleellaan saal-qunnamtii yoo qaqqabe namni balleessaa ta'e namuma miidhaa sana qaqqabsiise qofa. Daa'imman fi ijooleen haala kameen badii sanaaf itti gaafatamaa ta'uu hin danda'an. Haa ta'u malee ijooleen haleellaan saalqunnamtii irratti qaqqabe mataa isaanii akka balleessaa fi kashlabbee ta'anitti waan of ilaalaniif maatiin isaaniis haaluma kanaan waan isaan abaaran itti fakkaachuu ni sodaatu. Kanaafuu yeroo gaaffii gaafannu haasaa abaarsa fakkaatan hambisuu nurra jira.

**Fakkeenyaaaf: "Amalli kee waan  
ijjiirameef na dhiphistee jirta" jechuu  
irra "amalli kee waan ijjiirameef  
anaan na dhiphisee jira" inni jedhu  
himanna/komii hin qabu.**

## Yookiin

**"Akka namni biraa qaama kee tuqu  
eeyyamuun sirra hin turre" isa jedhu irra  
"namtichi qaama kee tuquun isa irra hin  
turre" jechuutu wayya. Haala kanaan  
sodaa isaanitti dhagahamu hir'isuun  
akka ofitti amananii fi akka caalmaan  
nuuf ibsan jajjabeessuu ni dandeenya.**

## **Obsa**

Yeroo baay'ee namootni haleellaa saalqunnamtii geessisan daa'immaan nisodaachisu. Yoo dubbatan akka maatii isaanii irratti miidhaa geessisan ykn maatiin akka daa'imman sana adaban ykn karaa adda addaan ni sodaachisu. Sababa kanaaf ijoolleen dubbachuu baay'ee ni sodaatu. Kanaaf dubbachuun isaaniif waan salphaa hin ta'u. Kana yoo hubanne yeroo isaan nutti himan obsaan eeggachuun akka dirqama ta'e ni barra. Hanga danda'an yoo nutti himan kana caalaa akka nutti himaniif guyyaa jalqabaa dhiphisuun nurra hin jiraatu. Kanuma nutti himaniif jajjabeessuu fi yeroo barbaadanitti wanti dabalataa yoo jiraatu dhagahuuf qophii akka taanee itti himuun gaarii dha.

## **Akka isaan amanne ibsuu**

Yeroo baay'ee daa'imman waa'ee haleellaa saalqunnamtii hin soban. Tarii namicha miidhaa sana geessise dhiyeenyatti ni beekna yoo ta'e miidhaan sun qaqqabee jira jennee amanuuf ni rakkanna ta'a. Ijoolleenis nama na amanu hin argadhu jedhanii waan yaadaniif dubbachuuf ni sodaatu. Shakkii keenya kana yeroo dhaaf dhiisuun ijollee keenyaaf wabii ta'uu keenya agarsiisutu nurra jira. Akka isaan amannes itti himuun nurra jira. Nutti himuusaaniittis akka itti boonne itti himuun jajjabeessuun ijollee keenyaaf jajjabina xiinsammuu guddaa ni kennaaf.

## **Wabii fi jaalala isaaniif qabnus**

### **agarsiisuu**

Ijoolleen haleellaan saalaa irra gahe qofummaan itti dhagahamuu ni danda'a. Akka eenyu illee isaan hin amanne akkasumas akka eenyu illee isaan hin jaallannetti yaaduu ni danda'u. Kana hambisuufis nuti waan hundaan akka isaan gargaarru fi isaan dhaggeeffatnu yoo itti himne ni tasgabbaa'u. Akka isaan jaallannuu fi wanti raawwate sunis jaalala nuti isaaniif qabnu haala kamiinuu hir'isuu akka hin dandeeny'e fi balleessaa akka hin taane mirkaneessuufitu nurra jira. Badiin hunduu kan namicha miidhaa geessisee qofa akka ta'e yoo itti himne ofitti amantummaan isaanii ni dabala.

## **Balaa itti aanu irraa isaan eeguu**

Daa'immaan haleellaan saalaa irra gahe akka deddeebi'anii hin miidhamne eeguun nurra jira. Keessumaa immoo namni miidhaa irraan gahe sun miseensa maatii dhiyoo, olлаа ykn mana barumsaa

kan jiru yoo ta'e eegumsa cimaa ni barbaada. Namtichi haleella sana geessisee sun walitti dhufeenyaa kamyuu akka isaan faana hin qabaanne, akka qofaattis nama kana waliin hin taane akkasumas akka qofaa isaanii hin taane godhuun ni fayyada. Karoora keenya kanas ijoollee keenyatti himuun akka nageenyi itti dhagahamu ni goona. Kana yeroo jennu garuu fedhii taphaa ijoollummaa fi hawwii waantota haarawa ta'an baruuq qaban akkaataa hin quucarsineti ta'uu qaba. Akkasumas namni biraam iidhaa walfakkaataa isaan irratti geessisuuf barbaadu yoo isaan mudate maal godhuu akka qaban hubachiisuu ni barbaachisa. Kana jechuun namni kamuu haala fudhatama hin qabneen yoo isaan tuqe diduu akka danda'an itti fufuu sagalee isaanii ol kaasanii namni biraam akka isaan gargaaru waammachuu hatattamaanis maatii isaanii ykn nama guddaa amananitti himuun akka isaan barbaachisu itti himuun nurra jira.

## **Fedhii isaanii gaafachuu**

Daa'imman waa'ee haleella isaan irra gahe yeroo nutti himatan wanti akka nuti isaanif goonu barbaadan ni jira. Kanaafuu fedhii isaanii gaafachuun ni fayyada. Wanti sodaatan yoo jiraates gaafatnee hubachuun kunuunsaa fi eegumsa akka isaanif goonuuf ni nu fayyada. Wanta isaan yaaddesses hubachuuf carraa nuuf kenna. Yeroo tokko tokko fedhii isaanii guutuun salphaa ta'uu ni danda'a yeroo biraam ammoo waanta isaan nu gaafatan godhuufii hin dandeenyu ta'a ykn umuriin xiqlaachuu irraan kan ka'e wanta sirrii hin taane nu gaafatan ta'a. Kanas sababa godhuufii hin dandeenyef tasgabbiin himuun gaarii ta'a. Fakkeenyaaaf: Akka eenyutti illee jalaa hin himne yoo nu gaafatan illee akka mana yaalaa ykn qaamolee seeraa bira deemuun barbaachisaa ta'e ni beekna. Kanaaf yeroo deebii latnu: "Yoon nama biraatti hime akka anatti rakkinni ni dhuufa jettee sodaatte naaf galee jira. Akka rakkinni akkanaa deddeebi'ee si hin mudatneef garuu namootni nu gargaaran nu barbaachisu. Warra akkuma kiyya nageenya keef qofa dhiphatan hakiimotaa fi ogeessota seeraa nan dubbisaa. Yeroon kana raawwadhu hundas sitti himaatan godha. Wanti nageenya kee balaa irraan geessisu garuu gonkuma hin godhu" jechuu ni dandeenyaa.

## **Miira isaanif yeroo kennuu**

Ijoolleen haleellaa saalaa irra gahe miira isaanii ibsachuufis ta'e hubachuuf ni rakkatu. Keesumaa immoo osoo nutti himataa jiranii tasuma booyuu, aaruu ykn sodaa keessa seenuu ni danda'u. Midhaa isaan irra gahe irraa ka'uun dhaanis miirri akkanaa kun kan eegamu fi sirrii dhas. Sirriitti akka ibsataniifis deeggarsa gochuun karaa guddaa ittiin rakkina kana keessa dafanii dandamatan godhu dha. Yeroon kun akka nuti wabii isaanii ta'uu keenya beekuu barbaadani dha. Kanaafuu miirri isaanii sirrii akka ta'e nutis miiruma walfakkaatu keessa akka jirru ibsuu ni dandeenyaa. Fakkeenyaaaf: " Mucaa koo akka gaddite jirtu hubadheen jira; wanti siin gaddisiisuu uumamuu isaa irraa kan ka'e anis gaddeen jira" jechuun ni danda'ama. Dabalataanis hanga isaan miira isaanii ibsatani xumuranittis gaaffilee biroo tursiisuu nurra jira.

## Miira isaanii hubachuu

Daa'imman haleellaa saalaa irra gahe miira adda addaan mul'isuu ni danda'u. Miira kanneen hubachuun adeemsa dhinuu yookiin bayyanachuu isaanii ni ariifachiisa. Haa ta'u malee rakkina hundaa altokkootti furuun hin danda'amu.

**Sodaafi dallansuu:** (Nama midhaa geessise sodaachuu, qofaa ta'uu, nageenya maatiif, maatii irraa adda bahuu, adda ta'anii mul'achuu) fi hammeenya: Wanti nurraa eegamu ammaa booda akka nagaa ta'an fi nuti akka nageenya isaanii tixsinu ibsuufii dha. Keessumaa hojiilee mana keessaa ofii isaanii hojjechuu danda'an akka nu gargaaran godhuun ofitti amantum-maa isaanii dabaluu ni dandeenyaa.

**Aarii:** (Namicha haleellaa geessise, nama osoo arguu cal'ise, ofitti): Daa'immaan haleellaan irra gahe akka sal-phatti aaruu fi wanta xiqqoo ta'een aarii guddaa keessa seenuun irratti mul'achuu ni danda'a. Amalli yeroo kana irratti mul'atu kan nu illee jeequu fi nama oriisisu ta'uu ni danda'a. Haa ta'u malee nuti dursinee yoo sababa isaanii hubanneef akka isaan tasgabba'anii maaltu akka uumame akka isaan nuuf ibsatan affeeruu fi akka isaan miira isaanii ib-satan jajjabeessuun ni fayyada. Kunis miira isaanii haaragalfachiisuu irra darbee nama isaan dhaggeeffatu fi nama itti amanan qabaachuu isaanii akka yaadaniif ni gargaara. Wanti yeroo biraan

isaan aarsu yoo jiraates akka isaan tasgabbiin himatan barsiisuun akka faayidaa qabu barsiisuun barbaachisaa dha. Yeroo booda miira isaanii sirriitti ibsachuu yeroo eegalan immoo jajjabeessuun akka miirri isaanii tasgabbiin itti fufuuf gahee guddaa ni taphataa.

**Gaabbi:** Daa'imman wanti hamaan yoo mudate garmalee ofii isaaniin itti gaafatamaa of godhu. Kanaaf miidhaan kan isaan irra gahe sababa isaaniin akka hin taane fi gonkuma haala kamiinuu of abaaruu akka hin qabaanne itti himuun nurra jira.

**Walii wallaaluu:** Namichi haleellaa geessise keessumaa nama dhiyoo fi kan amala gaa-rii ta'een isa beekan yoo ta'e maalummaa haleellaa isaan irra gahe hubachuuf ni rakkatu. Daalimman namoota fi addunyaa kanaa gaarii ykn hamaa jedhanii waan qoodaniif nama amala gaarii fi hamaa ta'e qabu addaan baasanii hubachuuf ni rakkisaan. Kana irraa kan ka'e namicha midhaa isaan irraan geessise sana jaallachuu fi jibbuu gidduutti rakkatu. Amalli isaan mul'isanis akkasuma kan gara wallaalle ta'u ni mala. Yeroo kanattti maatiin ijoollee namni haleellaa isaan irratti geessise sun amalli isaanii kan biraa gaarii yoo ta'e illee wanti raawwatan sun wanta gadhee fi waanta sirrii hin taane akka tahe ibsuun irra jira. Haaluma kanaanis hojji isaa fi isa akka adda baasanii ilaalan ni gargaara.

## Haleellaa saalaa booda amala isaan mul'isan hubachuu

### Guddinni isaanii boodatti hafuu:

Daalimman miidhaan irra gahe hammeenyi miidhaa sanaa waan isaan jeequuf guddinni isaanii hanga ta'e boodatti deebi'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf muacaan waggaan kudhanii siree irratti fincaa'uu ykn akka daa'imaan quba isaa hodhuu jalqabuu ni danda'a. Kana sirreessuuf akka nageenyi itti dhagahamu godhuu, akkasumas miira isaa/ishee akka ibsitu jajjabeessuun ni barbaachisa. Amaloota haarawaaf xiyyeffannoo guddaa kennuun ykn himachuun gonkuma sirrii miti.

**Kophummaa filachuu:** Sababni yeroo baay'ee qofummaa filatanifiif wabii akka hin qabaanne yaaduu irraa kan ka'e fi tilmaamni ofiif qaban gad-bu'a ta'uun irraa ti. Ofitti amantummaan isaanii akka cimu fi nagaan akka itti dhagahamu godhuun rakkina kana ni salphisa.

**Rakkina Hiribaa:** Ijoollee haleellaan irra gahe hirriba dhabuuun ykn immoo abjuun isaan rakkisuu ni danda'a. Kana salphisuuf daalimman kun maal akka barbaadan gaafachuu, yoo sodaan qabaatan akka nutti himatan jajjabeessuun nu irra jira. Hanga hirribni isaan fudhatuttis akka bira turru ykn ibsaan akkuma ifetti akka turu nu gaafachuu ni danda'u. Kanaanis akka isaan tasgabbiin rafan deeggaruun ni danda'ama. Fakkeenyaaf bakki miidhaan isaan irra gahe kutaa ciisichaa isaanii keessatti yoo ta'e kutaa ciisichaa isaanii jijiiruu ykn akkaataa taa'umsa meeshaalee kutaa sanaa yoo jijiirre akka miidhaan sun irraanfatamu ni goona.

## Jiruuf jirenyaa akkuma duraatti gaggeessuu:

Ijoolleen miidhaan irra gahe namoota irraa akka adda ta'anii ilaalamani fi waan adda baafaman itti fakkaateet dhiphatu. Xiyyeeffannoonaaddaa garmalee yoo itti kenname dhimmi kun itti ni hammaata. Kanaafuu kana ittisuuf maatiin isaanii jireenyi isaanii akkuma duraaniitti akka itti fufu godhuun irra jira.

## Itti aansuun waan godhuuf deemnu itti himuu:

Ijoolleen waa'ee miidhaa isaan irra gahe eega nutti himatanii booda deeggarsa wal'aansa fayyaa, xiinsammuu fi hawwaasummaa fi deeggarsa seeraa argchuuf yaaluun nurra jira. Akkasumas deeggarsi maatii fi hiriyyaa nu barbaachisa. Kanas akkamiin godhuu akka yaadnee fi bakka deemnuttis maal akka nu mudachuu danda'u ijolleetti afaan isaaniif galuun ibsuufii qabna. Kana godhuun keenya akka isaan dursanii sammuu qopheessatan fi akka hin naane godhuuf ni gargaara. Yoo gaaffii fi yaaddoo qabaatanis gocha keenya isa itti aanu dura isaan waliin mari'achuun barbaachisa.

# Ijoolleen keenya yoo akka haleellaan saal-quunnamtii isaan irra gahee jiru nutti himatan akkamiin of-tasgabbeessuu dandeenya?

Ijoollee keenya irra haleellaan akka isaan irra gaheen yeroo jalqaba dhageenyu jeeqamuu ni dandeenya. Miirri keenyas walmakaa ta'uu ni danda'a. Kun akka maatii tokkootti kan ta'uu danda'u dha. Miirri mul'achuu danda'an harka caalaan isaanii kan armaan gadii ti.

**Nasuu:** Wanti nuti ni qaqqabe jennee hin yaadne yoo qaqqabe miirri naasuu dhufuu ni danda'a.

**Haaluu:** Wanti kun mucaa koo irra hin ga'u jennee yaaduu ni dandeenya. Kun yeroo jalqaba dhageenyu kan miira nu mudachuu danda'u yoo ta'e iyyuu daalimman keenya akka nuti isaan hin amanne fi akka isaan irraa hin fudhanne waan itti fakkeessuu danda'uuf miira kana haala ittiin ibsannu to'achuun nurra jira.

**Aaruu:** Sababa adda addaan miirri kun uumamuu ni danda'a. Miidhaan akkuma qaqqabeen battalumatti yoo nutti himamuu baate mucaa keenyatti aaruu ni dandeenya. Nama miidhaa geessise sana yoo kan beeknu ta'e immoo "mucaa koo irratti akkamiin wanta kana raawwata' inni jedhu nu yaaddesses. Yeroo aarii tasgabbiin mari'achuuf nama rakkisuu ni danda'a. Kana hambisuuf akka miirri kun nu keessatti uumame hubachuu fi miira keenya kana akkaataa

karaa fayyaalessa taheen ibsachuu dandeenyu uumuun ni fayyada.

**Gadduu:** Miidhaan ijoollee keenya irra gahuun isaa jirenyisaanii gara fuulduraa bifa kamiin jijiira yaadni jedhu nu yaaddessuu fi nu gaddisiisun kan eegamu dha. Jirenyi keenya illee sababuma kanaan nu yaaddessuu ni danda'a. Namoota biraas akka hamaa ta'anitti akka isaan yaadnu nu godhuu ni danda'a.

**Sodaa:** Jirenyi mucaa keenyaa kana booda maal taha yaadni jedhu sodaa nutti uumuu ni danda'a.

**Gaabbii:** Tarii daalimman keenya akka ofuma keenya balaaf isaan saaxiletti nutti fakkaatee nutti dhagahamu fi gaabbii keessa akka seennu nu godhuu ni danda'a. Haa ta'u malee miira akkasii keessa yeroo dheeraaf turuun akka nuti ijoollee keenyaaf wanta gara fuulduraa isaan fayyadu hin karoorsanne fi hin dalagne nu dhorka.

**Rakkoon kun kan qaqqabe mucaa keenya irratti haa ta'u  
iyuu malee narrattis dhiibbaa ol'aanaa ni geessisa. Dhiibbaa  
nurra gahee jiru hir'isuu yoo dandeeny'e dhiibbaa daa'immaan  
keenya irra gahee jiru hir'isuu carraa fi humna ni arganna.  
Kanaafuu miira kanneen karaa sirrii ta'een to'achuuf nama  
mariisisuu dandeeny'u maatii dhiyoo, hirriyyaa ykn michuun  
nu barbaachisa. Yeroo itti yaadnus waan nu barbaachisuuf  
ofii keenyaafis yeroo laachuun nu barbaachisa. Waantota  
nu gammachiisuu danda'an raawwachuu dhiphina keenya  
hir'isuu yaaluun ni fayyada.**

Kanaan dura haleellaan saal-quunnamtii walfakkaatu nurra gahee yoo  
jiraate yaadni fi miirri duraanii walqabatanii nutti dhufuun miira keenya  
haala ol-aanaan nu jeequu ni danda'u. Akkas taanaan yaadaa fi gorsi  
ogeessaa nu barbaachisa.

Namni haleellaan saalaa geessise miseensa maatii keenya yoo ta'e yaadaa  
fi miirri keenya bakka lamatti hiramuu ni danda'a. Miira kanneen  
keessummeessuuf ammoo yeroo fi gargaarsi nu barbaachisa. Eenyuun akka  
amanuu qabnu, nageenya maatii keenya akkamiin akka eegnu, akkamiin  
miidhaa kana dhaabsisuu dandeeny'u akkasumas dhiibbaa nurra ga'uu  
danda'u nu yaaddessuu ni danda'a. Ijolleek keenya irratti immoo miirri  
walmakaan ta'e kuni ni hammaata.

Ijolleek miidhaan kun miseensa maatii isaaniin irra gahe yeroo kam iyuu  
caalaa akka nuti isaaniif jirru baruu ni barbaadu. Dhimmi kun baay'ee  
wal-xaxaa waan ta'eef gargaarsa fi deeggarsa nama biraanu barbaachisa.  
Murtii murteessuu keenya dura sirriitti itti yaaduu fi gorsa argachuun nu  
barbaachisa.

# Ijoollee keenya irra haleellaan saal-quunnamtii erga gahee booda qorannoон fayyaa godhamuuf qabiyyee maal qabaata?

Ijoollee irratti haleellaan saal-quunnamtii akka irra gahe akkuma beekneen gara dhaabbilee fayyaa qorannoон geggeessan deemuun barbaachisaa dha. Miidhaan sun gahuu isaa akka barren dafnees ta'e, turree, gara mana yaalaa deemuun barbaachisaa dha. Ogeessi wal'aansa kana kennuufii hakiima gadameessaa ykn hakiima da'immanii yoo ta'e filatama.

Haleellaan saal-quunnamtii, waltuttuqqii qaamaa ykn dhagala'aa qaamaa qabu yoo raawwatamee bultii 7 gidduutti hakiima bira yoo qaqqabe qorannoон qaama hundaa ni godhama. Qorannoон dhaaf yeroo dhiyatamus qorannoон qaamaa dura waa'ee seenaa miidhaa qaqqabe sanaa fi waa'ee fayyaa ibsi ni gaafatama. Kunis waa'ee fayyaa daa'imaan waliigalaa hubachuuf, gosa miidhaa qaqqabe sanaa addaan baasanii baruuf, rakkowwan haleellaan sanaan uumaman addaan baasanii wal'aansa fayyaa kennuuf, dhukkuba daddarbaa fi ulfa hin barbaadamneef wal'aansa ittisaa kennuuf fi odeeaffannoo tajaajila seeraaf fayyadan funaantuuf gargaara.

Yeroo qorannoont hatattamaa sukkummii qaama hundaa irra jiru, madaan qaama hormaataa irra gahe yoo jiraate sakatta'uu, akkasumas qorannoон dhukkuboota walquunnamtii saalaan daddarbuu danda'aniif dhiiga irraa, fincaan irraa fi dhangala'aa qaama hormaataa irraa fuudhameen qorannoон gaggeefama. Yeroo qorannoont dhangala'aa ykn dhiigni baay'ina qabu gadameessaan/karaa bobbaatiin ba'u irra dhangala'aan jira taanaan dhiigicha

dhaabuu fi madda dhangala'aa kanaa adda baasuuf qubaan ykn meeshaan fayyadamuun qorannoон gaggeefamuu ni danda'a. Qaama hodhaan barbaachisu yoo jiraates achumaan wal'aansi ni godhama. Akka qorannoон kun guutuu ta'uuf osoo qaama hin dhiqatiin dura hakiima bira dhiyaachuun ni barbaachisa.

Qorannoowwan kun yeroo geggeeffaman ijolleef baay'ee dhiphisaa dha. Qorannoон kan gaggeefamaa jirus isaaniin adabuu akka ta'e jedhanii yaaduu ni danda'u. Qaama ofiis nama biraa kan isaan hin beeknetti mul'isuun akkasumas tuqamuun isaanii miira hamaa yeroo miidhaan sun isaan irra gahe akka itti dhufu godhuu ni danda'a. Kanaafuu qorannoон kun maaliif akka gaggeefamaa jiru, warri qorannoо geggeessan warra nuuf deeggarsa kennan ta'uun isaanii fi nutis akka isaan biraa hin deemne yoo itti himne rakkina kana nuuf salphisa. Yeroo qorannoон gaggeefamus akkaataa sadarkaa umurii isaanii irratti hundaa'uun hammatamanii, nutti hirkatanii ykn bakka nuti isaan waliin jirrutti yoo ta'e filatamaa dha. Ijolleen umuriin isaanii hin jabaanne yeroo qorannoо tasgabbaa'anii taa'uu yoo dadhaban akka isaan tasgabbaa'an gargaaruuf qorichi akka isaaniif kennamu godhamuun ni danda'a.

Qorannoон erga gaggeefamee booda miidhaa saniin madaan yoo uumamee jiraate wal'aansi dhinsuu ni godhama. Yaaliin hodhamuu yoo kan barbaachisu ta'e, akkasumas qoricha infeekshinii ittisuuf yoo barbaachise illee ni kennamaaf.

Shamarran haleellaan irra gahe umurii dardarummaa irra jiran yoo tahe qoricha ulfa ittsu hanga bultii saditti yoo fudhatan ulfa hin barbaadamne irraa isaan hambisa. Dhiveewwan saalquunnamtiin daddarban akka itti hin dhufne ittsuuf qorichoontni adda addaa ni kennamu. Talaalliiin vaayirasii dhukkuba tiruu fidu (heppataayitas) kan walquunnamtii saalaan daddarbu jalqaba erga kennamee baatii tokko booda akkasumas baatii ja'a booda dabalataan ni kennama. Talaalliiin dhukkuba teetaanosii yoo duraan hin kennamne ta'e ni kennama. Dabalataanis qorichi dhukkuba HIV ittsus miidhaan qaqqabee hanga bultii saditti mana yaalaa deemuun qorannoona vaayirasicha irraa bilisa warra ta'aniif ni kennama. Qorichi kun bultii 28f kan kennamu yoo ta'u haleellaan sana irraa kan ka'e dhibeen sun akka itti hin dabarre ni ittsa. Haleellaan qaqqabee bultii sadii booda yoo jalqabame garuu dhivee kana ittsuuf humna hin qabaatu.

Wal'aansi jalqabaa erga kennamee booda xiinsammuun isaanii foyya'aa akka ta'uuf gara ogeessota xiinsammuutti ni ergamu. Hordoffiin yaalaas bellama eeggachuun itti fufa. Ragaa wal'aansaa gaafachuu fi abbaa dhimmichi ilaallatuuf dhiyeessuun ni danda'ama.

Ijoolleen haleellaan saalquunnamtii, tuxxuqqaa qaamaa ykn dhangala'aa qaamaa yoo hin qabaatne ykn erga raawwatamee bultii 7 ol taee booda yaalaaf yoo dhiyaatte akka deeggarsa xiinsammuu hatattamaa argattuuf sababa gaha ni ta'a. Kana irra darbees sababa haleellaan sanaatiin miidhaan qaamaa qaqqaban yoo jiraatan wal'aansi fayyaa ni kennama. Qorannoona ulfaa fi dhiveewwan saalquunnamtiin daddarban jalqaba irraa kaasee beellamaan hordoffiin ni godhama.



## Daa'imman miidhaan saalqunnamtii irra gahee fi maatii isaaniif deeggarsa xiinsammuu kennamu

Ogeessotni adda addaa deeggarsa xiinsammuu fi yaalaa keennuu danda'an ni jiru. Isaanis gorsitoota hawaasummaa, gorsitoota xiinsammuu, ogeessa wal'aansa xiinsammuu, ogeessa wal'aansa sammuu, narsii wal'aansa sammuu, ispeeshaalistii wal'aansa sammuu ti. Ogeessota kana dabalatees hakiimoota waliigalaan leenjii wal'aansa xiinsammuu irratti leenji'anii jiran, ispeeshaalistoota wal'aansa daa'immanii fi ogeessotni fayyaa qaama hormaataa deeggarsa kennuu ni danda'u.

Ogeessotni kun amalli ijoollee sadarkaa maal irra akka jiru, hanqinoota yaadaa, miiraa fi amala ijoollee kana irratti mul'atan akkamiin akka hambisuu fi fooyyeessuun danda'amu, bifa kamiin daa'imman waliin waliigaluun akka danda'amu, akkamiin eegumsi isaaniif godhamuu akka danda'amu, ijoollee fi maatiin isaanii akkamiin dhiibbaa miidhaan sun irraan gahe irraa dandamachuu akka danda'an akkasumas dhimmoota biraaf furmaata argachuuf deeggarsa fi wal'aansa ni kennu.

Dabalatanis namoota daa'imummaan haleellaan saal-qunnamtii irraan qaqqabee umurii ga'eessummaa isaanii irratti dhiibbaan irra jiru, dhiibbaa kana irraa baraaruuf gorsa fi wal'aansa ni kennu.

Mariin kun kan eegaluu seenaa jirenya isaanii gaafachuu dhaanii. Kunis adeemsaa ogeessotni kun waa'ee taateewwan kanaa akka waliigalaatti hubachuuf odeeffannoo karaa ittiin funaannatani dha. Kanumaan walqabatees deeggarsi akkamii akka barbaachisu yaada ni kenu. Yoo deeggarsi itti fufinsa qabu barbaachisaa ta'es ni beeksisu. Deeggarsi kunis daa'imman ykn maatiin isaanii ogeessota waliin qofaatti mari'atan ykn immoo daa'imman ykn maatiin rakkina walfakkaattaa ta'e isaan mudate marii ogessaan deeggarame godhuu ni danda'u. Dabalatanis miseensonni maatii marii ogeessaan deeggarame godhachuu ni danda'u.

“Wantan ani kallattiidhaan godhe, ogeessa xiinsammuu bira deemuun rakkina koo itti himachuu ture; ijoollummaa koo irraa jalqabee abbaa fi haati koo akkan ofitti amanu godhanii waan na guddisanii inni kun ulfaataa hin turre; wanti ulfaataan kutaa afraffaa irratti ture kan dhufe. Hakiimni koo 'dubartii san argadhuutii fuulduura dhaabbadhu; wanti ati goote sun anaan na miidhee jira jedhi' naan jedhe. Dhumarratti murtii ani irra gahe obboleettii kiyatti himee akka isheen mana isheetti beellamtii, achiin booda obboleettii kiyya waliin dura dhaabbachuu waan tureef obboleettii kiyatti nan hime. Hangam akkan miidhame kanan hubadhe imimmaan obboleettii kiyaa yeroon argu dha. Akkuma dubartiin sun gad teesseen miidhaa anarraan geessiste sun hangam akka na miidhe, miidhaa hangamii akka narraan geessise nan ibseef. Ni rifatte “lakki anoo haasaa dhaaf jedheen, dabalata immoo waggoota dheeraa booda maaltu argame?” Yeroo naan jettu irra deebi'een ibseef, hunda caalaa daa'imman waliin saalqunnamtii raawwachuu bifuma kamiinu haasaa akka hin taane nan ibseef. Haa ta'uutii waan baay'ee jeeqamteef icciitiin ishee nama biraa (obboleettii koo) biratti waan saaxilameef naasuun baqattee baate. Erga sanii booda manas dhufuu dhaabde. Bakka biraattis yoon akka tasaan ishee arge qaaniidhaan ol jettee na hin ilaaltu. Iccitiin kun erga ifa ta'ee booda anaaf obbaafannaa argadhe jechaan hin ibsu. Wal'aansa fayyaa ilaachisee adeemsii isaa salphaa hin turre; garuu jijiiramni mul'ate amanuuuf nama dhiba. Ani amma yeroon dubartii waliin ta'u nan gammada malee hin yaadda'u.”



# Ijoollee keenya irra miidhaan saalqunnamtii yoo qaqqabe qoranno seeraa maal fakkaata?

## Ijoollee keenya irratti miidhaan saalqunnamtii yoo gahe tarkaanfii seeraa fudhachuu qabnu

Saalqunnamtii akka qaqqabe ykn akka yaaliin irratti godhamee ture yoo hubanne tarkaanfiwwan seeraa akka fudhatamaniif hatattamaan gara wiirtuulee tajaajila waliigalaa geessun nu irra jira. Wiirtuuleen kun poolisii, abbaa alangaa, ogeessa xiinsammuu fi ogeessa fayyaa bakka tokkotti kan qabaatan yoo ta'an himanna gosa akkasii dhagahuuf kan dhaabbatan dha.

Bakka wiirtuuleen kun hin jirretti immoo gara waajjira poolisii deemuun himanna dhiyeeffachuu ni danda'u. Sadarkaa federaalaa fi kutaailee bulchiinsa magaalotaatti waajjiraaleen poolisii ni argamu. Waajjiraaleen kunis poolisii, abbaa alangaa fi ogeessa xiinsammuu kan qaban yeroo ta'u dhimmotaakkanaa hordofuuf kan dhaabbatan dha. Dabalataanis waajjiraaleen poolisii kun himanna fuudhuun tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu ni danda'u.

Wiirtuu yookiin waajirooti kunnene keessatti ragaan erga fudhatame booda poolisii fi ogeessi xiinsammuu jecha ijoollee irraa ni fuudhu, odeeaffannoo dabalataas ni funaanu.

## Qoranno Poolisii/Seeraa kan armaan gadii of keessaa qaba:

- Jecha nama miidhamee fi kan maatii irraa fuudhuu,
- Odeeaffannoo wal'aansa fayyaa funaanuu,
- Jecha nama shakkamaa fuudhuu,
- Namoota ragaa bahan biroo barbaaduu fi jecha irraa fuudhuu,

Tajaajila waliiglaa kana sababa garagaraan argachuun yoo hin danda'amne dhaabbilee fayyaa yaalii wal-fakkaataa kennan bira deemuun barbaachisaa dha. Maqaa fi teessoon tajaajilawwan kanaa 'Teessoowwan Fayyadan' irratti argattu



## Odeeaffannoo

Daa'imman i`rra akka haleellaan  
saal-quunnamtii gahe yoo hubattan ykn yoo  
shakkitan 935 irratti bilbieluun odeeffanno  
kennuun ni danda'ama.

Waajjiraaleen Dubartootaa fi Daa'immanii  
aanaa fi ganda hundumaa keessatti waan  
jiraniif itti beeksisuun deeggarsa argachuu ni  
dandeessu.

Yakki akkasii kun harki caalaan kan  
raawwataman bakka namni biraan hin  
arginetti waan ta'aniif jechi daa'imaan fi ragaan  
qorannoo fayyaa gatii guddaa qabu. Kanaafuu  
hatattamaan gara mana yaalaa geessuun  
barbaachisaa dha.

# Hubadhaa!

- Maatiin/warri ijoollee guddisan yeroo ijoollee dhaabbilee poolisiis ta'e adeemsa seeraa biroo keessa darban of eeggannoowwan armaan gadii akka godhan ni gorsina.
- Adeemsa qorannoo keessatti maatiin daa'ima waliin ta'u qabu.
- Bakka maatii/warri guddisan hin jirretti akka qorannoon jechaa ykn qaamaa kamuu hin godhamneef mirkaneeffachuu qabu.
- Bakka namni haleellaa qaqqabsiise jirutti ragaa-bahuun akka hin geggeeffamne dhorkuu, hanga danda'ametti ijoolleen nama haleellaa qaqqabsiise san waliin walitti dhufeenya hin qabaanne gochuu.
- Bakka Maatiin/warri guddisan hin jirretti ykn kan miidhaa geessise maatii/nama guddise yoo ta'e fi namni ijoollee gara seeraa fide argamuu bakka hin dandeenyetti ijoolleen sun akka ogeessa xiinsammutiin deeggarantu/muuf yaalii gochuu.
- Adeemsa qorannoo irratti ijoolleen yoo jeeqame/ te ykn mallattoon nagaa dhabuu yoo hubattan qorannoon kun akka dhaabbatu gaafachuu fi deeggarsa xiinsammuu gahaa ta'e waliin ykn erga deeggarsi godhameef booda akka ta'u gaafachuun barbaachisa.
- Ijoolleen akka gaaffilee deebisan dirqisiisuun ykn itti ori'uun miidhaa dabalataa fiduu irraa darbee akka ijoolleen ijoo dubbii jal'isu/tu fi adeemsa himannichaa irra dhiibbaa uumuu waan danda'uuf obsaa fi jaalalaan daa'imman jajjabeessuutu barbaachisa.
- Adeemsa qorannoo irratti wanta badaa ta'e kamiyyuu yoo hubattan akka qorannoon kun dhaabbatu fi warra qorannoo geggeessan akka adeemsichi sirreeffamu gaafachuun ni barbaachisa.



## Odeeffannoo

Yoo ijolleen afaan qorannoo/qorattootaa hin beektu/hin beeku ta'e deggarsa gahaa nama afaan hiiku irraa akka argattu/argatu godhuun barbaachisa

Yoo ijolleen afaan mana murtii hin beektu/hin beeku ta'e fi ragaa-ba'uuf dhiyaatte/dhiyaate nama afaan hiikuuf manni murticha ni qopheessaaf/ qopheessuufi qaba

Akkasumas, maatiin/guddistootni afaan qorannoo yoo hin beekan ta'e bakka qoranoon geggeeffamu sanatti namni afaan hiikuuf danda'u jiraachuu dhabuu akka danda'u hubachuun deeggarsa ofiif qopheeffachuun adeemsicha hordofuun ni barbaachisa

Adeemsa mana murtii irratti yoo maatiin/warri guddisan afaan mana murtii hin beekan ta'e namni afaan hiikuuf waan hin jirreef deeggarsa ofiif qopheeffachuun adeemsicha hordofuun ni barbaachisa

## **Qorannoo booda maal eeguu dandeeny?**

Qorannoon barbaachisaa ta'e erga godhamee booda abbaan alangaa himannaan banuuf odeeaffannoo gahaa fi adeemsa seeraa qoratuun himannaan banuuf kan dandeessisu yoo ta'e himannaan ni bana/banti.

### **Sababawwan himannaan akka hin banamne godhuu danda'an**

- Shakkamaan/shakkamtuun yoo bade/badde ykn argamuu yoo hin dandeeny,
- Ragaa gahaan yoo hin jiraanne fi ragaa gahaa dhabuun abbaan alangaa himannaan banuu dhiisuuf yoo murteesesse,

Abbaan alangaa yoo himannaan banuuf hin eeyyamne sababa isaa gaafachuun ni danda'ama. Haalli seeraa fi ragaan gahaa ta'e osoo jiruu dhiilbummaadhaan, fedhii dhabuun ykn wanti ogummaan ala ta'e jedhamee amanamu kamuu yoo uomame waajjiraalee abbaa alangaa kutaa magaalotaa keessa jiraatanitti dhiyaattanii komii dhiyeeffachuu ni danda'ama. Ammas yoo furmaatni hin argamne, Abbaa alangaa waliigalaa federaalaa keessatti warra komii addaan baasu biratti dhiyaachuun komii qaban hanga ministeeraatti dhiyeeffachuu ni danda'ama.

Erga himannaan banamee booda adeemsi mana murtii itti fufa.

## Sirni mana murtii maal fakkaata?

Dhimmi daa'immanii yeroo ilaalamu dhaddachi daa'immanii sadarkaa federaalaatti dhaabbate ni jira. Dhaddachi kun sirni seeraa dhiibbaa daa'imman irraan gahu hir'isuuf akkasumas sirnoota seeraa adda addaa (ragaa kennuu, himatamuu fi kkf) daa'immanifi mijataa akka ta'an godhuuf itti yaadamanii kan qophaa'an dha.

Dhaddachootni daa'immanii kun ogeessota xiin-sammuun kan deeggaraman yeroo ta'an daa'imman yeroo ragaa ba'an akka isaan abukaatoon kallattiin hin gaafatamne fi gaaffiin bifa guddina sammuu isaaniin walqixa ta'een akka dhiyaatu godhama.

Kunneenis warra kutaa magaalaa Finfinnee keessatti muraasa keessatti kan argaman yoo tahan, kutaaleen magaalaa biroo immoo dhaddacha daa'immanii addatti akka dhuunfaatti qabu. Finfinneen alatti dhaabotni tajaajila wal-fakkaataa kennan illee jiru.

## Adeemsa murtii irraa maal eeguu qabna?

Hanga murtiin mana murtii irraa kennamutti namni kam iyuu akka bilisa ta'etti tilmaamama.

Himannaa ibsuun gahee abbaa alangaa ti.

Murtoo balleessummaa argachuuf abbaan alangee himannaa sana akkaataa shakkii hin qabaanetti ibsuu qaba. Yoo kun ta'e qofa himatamaan akka himannaa sana mormu gaafatama.

Himatamaan himannaa abbaa alangee irratti shakkii qabatamaa uumuu yoo danda'e yakka irraa bilisa ni ta'a.

Jalqaba manni murtii sun jecha amanuu fi amanuu dhiisuu ni gaafata. Kana jechuun shakkamaan sun yakka sana 'raawwattae moo hin raawwatne' jedhamee gaafatama. Raawwadheera jedhee/jettee yoo amane/amante gara murtiitti itti fufuu ni danda'a ykn immoo abbaan alangaa akka ibsu gaafatamuu ni danda'a.

## Hojiirra oolmaa ol-iyannoo

Sirrii ta'uu murtichaa irraa amantii yoo dhabe abbaan alangaa ol-iyannoo gaafatuu ni danda'a. Ol-iyannoon sirna murtiwwan mana murtii ittiin sakatta'aman fi dogoggorri seeraa ykn dubbi yoo jiraate kan ittiin sirreefamu dha.

Murtii mana murtii gad-aanaa manni murtii ol-iyannoo yoo raggaase murtii isa dhumaa ta'a. Kanaa booda ol iyyachuun yoo danda'amuu baate illee dogoggorri seeraa yoo jiraate garuu gara dhaddacha cabsaatti deemuu ni danda'a.

Murtii mana murtii gad-aanaa manni murtii ol-iyannoo yoo kuffise murtiin mana murtii olaanaa ni raawwatama.

# Teessoowwan Fayyadan

## Wiirtuulee Tajaajila Waliigala

Tajaajila Waliigala jechuun bakkeewwan namootni haleellaan saalqunnamtii irra gahe tajaajila wal'aansa qaamaa, tajaajila AbbaaAlangaa fi poolisii akkasumas wal'aansa xiinsammuu ykn wal'aansa fayyaa sammuu bakka tokkotti argatanidha.

### Finfinnee

Hospitaala Yaadannoo Gaandii

+251-1155-14340

+251 11 551 8185

Hospitaala Riferaalaa MinilikII

+251-118-12187

+251 11-155-0444

### Naanno Oromiyaa

Koolleejji Fayyaa Hospitaala Adaamaa

+251-022-111 2424

### Naanno Tigiraay

Hospitaala Riferaalaa Aayidar

+251 3441 6690

### Dirree Dhawaatti

Hospitaala Dilcorraa

+251-025-21106

## Wiirtuulee Tajaajila 'Kilinika Michuu'

Wiirtuuleen Kilinika Michuu tajaajila fayyaa wal-hormaataa kennuuf hospitaalota yuunivarsiitti keessatti Wiirtuulee dhaabataniidha. Daa'imman dabalatee namoota gudeeddaa fi haleellaan saal-qunnamtii biroo irra gahe tajaajila fayyaa hatattamaa dabalatee ragaalee poolisiif oolan ni kennu.

### Finfinnee

Hospitaala Qiddus Phaawuloos

Hospitaala Riferaalaa XiqurAnbassaa

Hospitaala Yaadannoo Gaandii

### Naanno Oromiyaa

Kooleejji Fayyaa Hospitaala Adaamaa

+251-022-111 2424

Hospitaala Yuunivarsiitti Jimmaa

### Naanno Hararii

Hospitaala Yuunivarsiitti Haroomaayaa (Hiwoot Faanaa)

### Naanno Amaara

Hospitaala Riferaalaa Gondar

Hospitaala Yuunivarsiitti Dabre Taaboor

### Naanno S/S/U/ Kibbaa

Hospitaala Yuunivarsiitti Hawaasaa

### Naanno Sidaamaa

Hospitaala Yuunivarsiitti Hawaasaa

### Naanno Tigiraay

Hospitaala Riferaalaa Aayidar

Wiirtuuleen tajaajila fayyaa armaan olitti ibsam an yoo dhiyeenya keessan itti hin argaman ta'e dhaabbilee fayyaa isinitti dhiyoo jiran deemuun tajaajila ariifachiisaa ykn riferaalaaa rgachuu ni dandeessu.

## Tajaajila Seeraa argachuudhaaf

### Finfinnee

Haleellaa kutaalee magaalaa Lidataa, Qirqoos, Araadaa, Gullalhee fi Addis Katamaa keessatti qaqqabaniif dhaddachii daa'immaanii mana murtii Lidataa keessatti argamu tajaajila ni kennaaf. Kutaalee magaalaa biro immoo dhaddacha dhuunfaa daa'immaanii isaanii kutaa magaalaa isaanii keessatti ni qabu.

### Waldaa Abukaatoo Dubartootaa

+251 011 5508782

+251 011 550 9256

+251 011 550 8783

+251 011 550 8759

### Adaamaa

+251 022 112 5340

### BahirDaar

+251 058 220 7396

### **Hawaasaa**

+251 046 220 4800

### **Asoosaa**

+251 057 772 0598

### **Dirree Dhawwaa**

+251 915 73 44 23

## **Tajaajila wal'aansa fayyaa sammuu fi xiinsammuu argachuuf**

Buufataaleen fayyaa mootummaa tokko tokko tajaajila marmaaranii yaalamuu sammuu fi xiinsammuu ni kennu. Kanaafuu haalli tajaajiloota akkasii isin barbaachisu yoo umamee buufataalee fayyaa isinitti dhiyoo jiran deemuun gaafachuu ykn yoo tajaajila kana hin kennan ta'e odeeefannoo eessatti akka tajaajila kana argachuu dandeessan isin gargaaru ykn riferaalii achumaa argachuu ni dandeessu.

## **Tajaajila marmaaranii yaalamuu fi wal'aansa ciisichaa**

### **Finfinnee**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Waliigalaa EekkaaKotobee  
Hospitaala Qiddus Amaanu'el  
Hospitaala Qiddus Pheexiroos  
Hospitaala Qiddus Phaawuloos  
Hospitaala Zoodituu  
Hospitaala XoorHaayilooch  
Hospitaala Pooliisii  
Dhaabbilee Dhuunfaa  
Wiirtuu Wal'aansa Fayyaa Sammuu Lebeezaa 0118 35 29 / 0947 40 65 11  
Wiirtuu Wal'aansa Fayyaa Sammuu Sixootaa 0113 69 06 31 / 0113 69 27 74  
Kilnika Wal'aansa Fayyaa Sammuu Abbichuu

### **Naanno Oromiyaa**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala RiferaalaaYuunivarsiitii Jimmaa  
Hospitaala Riferaalaa Shaashamannee  
Koolleejii Fayyaa HospitaalaAdaamaa  
Hospitaala Yuunivarsiitii Asallaa

### **Naanno Amaaraa**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Riferaalaa Falagahiwoot  
Hospitaala Xibebe Giyon

Hospitaala Riferaalaa Dassee

Hospitaala Yuunivarsiitii Gondar

Hospitaala Riferaalaa DabreMaarqoos

Hospitaala Yuunivarsiitii DabreTaaboor

Hospitaala Dajan

Hospitaala Finootasalaam

Hospitaala Injibaaraa

Dhaabbilee Dhuunfaa

Hospitaala Gaambii (BaahirDaar)

### **Naanno Tigiraay**

Dhaabbilee Mootummaa

Hospitaala Riferaalaa Aayidar Maqalee

Hospitaala Waliigalaa Aksuum

### **Naanno S/S/U/Kibbaa**

Dhaabbilee Mootummaa

Hospitaala Riferaalaa Diillaa

Hospitaala Riferaalaa Walaayittaa Sooddoo

### **Naanno Sidaamaa**

DhaabbileeMootummaa

Hospitaala Riferaalaa Yuunivarsiitii Hawaasaa

### **Naanno Harari**

DhaabbileeMootummaa

Hospitaala Hiwoot Faanaa Harar

### **Bulchiinsa Magaalaa DirreeDhawaa**

Dhaabbilee Mootummaa

Hospitaala Dilcorraa

## **Tajaajila Marmaaranii Yaalamuu qofa**

### **Finfinnee**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Riferaalaa XuqurAnbassaa  
Hospitaala Yekkaatiit 12  
Hospitaala RaasDastaa  
Hospitaala RiferaalaaMinilik II

Hospitaala Xurunash Beejiing

Hospitaala Alartii

Dhaabbilee Dhuunfaa

Tajaajila Gorsa Xiinsammuu Abirhoot:

0118 23 67 05

Tajaajila Gorsa XiinsammuuAhaa:

0116 62 24 37 / 0940 20 04 54 / 0911 69 23 73

Tajaajila Gorsa Fayyaasammuu Riidaa:

0966137369

Hospitaala Haleeluyyaa

Hospitaala Waliigalaa Takilahaayimanoot

Hospitaala Waliigalaa Amiin

Hospitaala Yarar  
Hospitaala QiddusGabreel  
Hospitaala QiddusYaareed  
Hospitaala Itiyoo Xabiib  
Hospitaala Addis Hiwoot  
Hospitaala Laandimaark  
Hospitaala Giruum  
Hospitaala WaligalaaZanbaabaa  
Kilinika GidduuGaleessaa Eefiraataa  
Kilinika Ispeeshaaliitii Birhaane Salaam  
Kilinika Sannaay  
Kilinika Aabinat  
Kilinika Yehuwaalaasheet  
Kiliiniika Wal'aansa fayyaa sammuu fi  
meedikaalaa Raafaa

### **Naannoo Oromiyaa**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Mattuu Kaarl  
Hospitaala Riferaalaa Naqqamtee  
Hospitaala Riferaalaa Amboo  
Hospitaala Goobbaa  
Hospitaala Oolancitii  
Hospitaala Fichee  
Hospitaala Shaambuu  
Hospitaala Gimbi  
Hospitaala Najjoo  
Dhaabbilee Dhuunfaa  
Kilinika giddugaleessa Adaamaa Meelbaa  
0228 94 37 38  
Kilinika giddugaleessa Beeteel Adaamaa  
Kilinika giddugaleessa Aalfaa Adaamaa

### **Naannoo Amaaraa**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Mooxaa  
Hospitaala DabreBirhaan  
Hospitaala Buree  
Hospitaala Lumaamee  
Hospitaala Yejuubee  
Dhaabbilee Dhuunfaa  
Tajaajila gorsa fayyaa sammuu Hiwoot  
(Gondar)09 25 30 41 76  
Tajaajila Gorsa Xiinsammuu fi Fayyaa  
sammuu Hasseet (BaahirDaar)

### **Naannoo Tigiraay**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Waligalaa Maqalee  
Hospitaala Waligalaa Addigiraat

### **Naannoo S/S/U/Kibbaa**

DhaabbileeMootummaa

Hospitaala Riferaalaa Yirgaalam  
Hospitaala Nigist Illeenii Hosaanaa  
Hospitaala Warraabee Zoonii Silxee  
Hospitaala Aarbaaminc  
Hospitaala Gunchurree Zoonii Silxee  
Hospitaala Buttaa jiraa

### **NaannooSomaalee**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Kaarraamaarraa Jigjigaa

### **NaannooGaambeellaa**

Dhaabbilee Mootummaa  
Hospitaala Gaambeellaa

### **Naannoo Beenishaanguul Gumuz**

Dhaabbilee Mootummaa  
HospitaalaAsoosaa

### **NaannooAffaar**

DhaabbileeMootummaa  
Hospitaala Dubtii

### **Dhaabbilee Bakka Turtii ykn Boqonnaa Yeroo namoota haleellaan saalqunnamtii irra gaheef (daa'imman dabalatee) kennan**

Manneen Boqonnaa fi jirenyaa kun namoota haleellaan saalqunnamtii fi koorniyaa irra gaheef adeemsi himannaa manamurtii hanga xumurumutti yeroo dandamanna muraasa kan isaan barbaachisu yoo ta'ee fi manni jirenyaa isaanii kan deebisee haleellaa dabalataaf'isaan saaxilu ta'e tajaajilawwan akkanaa bilisaan iddoowwan fi dhaabbilee itti argatan dha.Tajaajillotni boqonnaa fi jirenyaa kun harki caalaan isaanii kan banaa kan ta'aniif dubarootaa fi haadholii ijoollee isaaniiif yoo ta'u muraasni isaanii immoo dargaggoota bakka qabaatu.

### **Waldaa Boqonnaafi Misooma Dubartoottaa (AWSAD)**

Finfinnee  
+251-116672290  
Adaamaa  
+251-222120044  
Hawaasaa  
+251-462120996  
Dassee  
+251-333128719

**Dhaabbata Tajaajila Qindaa'aa  
Maatii(IFSO)**

Finfinnee  
+251-116189514  
+251-116517474  
+251-116631677

**Dhaabbata Ittisa fi Ijaarsa  
Dhaabuu Ijoollee Mubaarak  
karaa irra jiraatanii(OPRIFS)**

Finfinnee  
BaahirDaar  
Adeeti  
+251 911-123-654-10

**Wiirtuu Haaromsa Haadholii fi**

**Daa'immanii(MCRC)**

Finfinnee  
+251-118100813

**Waldaa Gudsamaariitaan (GSA)**

Finfinnee  
Gondar  
+251-111-242952

**Biraayit Imeej  
Foor Jenereeshiin**

Asooseeshin(BIGA)  
Hawaasaa  
+251 46 221 4130

**Bakka Boqonnaa Dubartootaa  
Waldaa Dubartoota**

**Finfinnee(AAWA)**  
Finfinnee  
+251 115 556 162

**Aggaarloophiyaa(Agar  
Ethiopia)**

Finfinnee  
+251 11 369 8073

**Wiirtuu Boqonnaa Dubartootaa  
DirreeDhawaa**

DirreeDhawaa

**Waldaa Misooma Dubartootaa**

**Mujijigaalooqaa(MLWDA)**

Beenishaangul Gumuz  
+251 11 4-16 7-084

**Iddoowan itti odeeffannoo kennan**

ijoollee irratti haleellaan qaqqabuu isaaakkuma hubattanitti ykn yoo shakkitan **935** irratti bilbiluun odeeffannoo kennuu ni danda'ama. Buufata Poolisii naannoo keenya (aanaa fi ganda keessa) jiran Waajjiraalee Dubartootaa fi Daa'immanii (Aanaa fi ganda hundaatti ni argamu) Pirojeekti Haqa Daa'immanii (Kutaalee Magalaatti ni argamu, Odeeffannoo dabalataaf **0111565603/ 0118965365/ 0111264804/05**)

**Toora Bilbila Bilisaa**

Haleella saalquunnamtii ykn korniyaa kamuu yoo qaqqabe tajaajila gor-saa xiinsammuu fi odeeffannoo birootiif **6388** Allanytaa **8044** Kilinika Maariistoopsi. Bilbiluun tajaajiloota kanneen argachuun ni danda'ama.

# Yaadannoo









KELELA